

**QAACCESSA QABIYYEE EEBBA SIRNA RAAWWII  
FUUDHAAF HEERUMA KADHAA: KAN GODINA GUJII  
LIXAA AANAA ABBAYYAA**

**LAMMEESSAA KUMARRAA TOTTOOBAA**

**YUUNIVERSITII ADDIS ABABAA,  
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII  
JOORNAALIZIMIIF QUUNNAMTIITTI, MUUMMEE  
AFAAN OROMOO, OGBARRUUFII FOOKLOORIIF  
DHIYAATE**

**HAGAYYA, 2009**

**FINFINNEE**

**QAACCESSA QABIYYEE EEBBA SIRNA RAAWWII  
FUUDHAAF HEERUMA KADHAA: KAN GODINA GUJII  
LIXAA AANAA ABBAYYAA**

**LAMMEESSAA KUMARRAA TOTTOOBAA**

**GORSAAN: TOLEMAARIYAAM FUFEE (PHD)**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII  
LAMMAFFAA AFAAN OROMOO, OGBARRUUF  
FOOKLOORII BARSISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF  
QOPHAAYE**

**YUUNIVERSITII ADDIS ABABAA**

**KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII,  
JOORNAALIZIMIIF QUUNNAMTIITTI, MUUMMEE  
AFAAN OROMOO, OGBARRUUF FOOKLOORIIF  
DHIYAATE**

**HAGAYYA, 2009**

**FINFINNEE**

# **Yuunvarsitii Addis Ababaa**

## **Sagantaa Digirii Duraatiin Booddee**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo guuttachuuf mataduree “qaaccessa qabiyyee eebba sirna raawwii fuudhaaf heeruma kadhaa irratti raawwatamu” Jedhuun Lammeessaa Kumarraa Tottoobaatiin qophaa’ee sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitichi kaa’e guuteera

### **Koree Qormaataa**

Gorsaa _____	Mallattoo_____	Guyyaa_____
Qoraa_____	Mallattoo_____	Guyyaa_____
Gorsaa_____	Mallattoo_____	Guyyaa_____

---

Dura Taa’aa Muummee Yookaan Qindeessaa Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

## **Axereeraa**

*Eebba Oromoo ilaalchisee qorannoon addaa addaa namoota garaagaraatiin haa hojjetaman malee, eebba oromoo keessaa qaaccessa qabiyyee eebba sirna raawwii fuudhaaf heeruma kadhaa irratti raawwatamu kan aanaa Abbayyaa irratti namni funaanee qaaccessesse hinjiru. Kaayyoon qorannoo kanaa inni guddaan, afoola Oromoo keessaa qabiyyee eebba sirna raawwii fuudhaafi heeruma kadhaa irratti raawwatamu qaaccessesse kaa'uudha. Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga'uudhaafis malli qorannoo dhimma itti ba'ame, mala qorannoo addeessaa keessaa tokko kan ta'e, qorannoo ibsaa yoo ta'u, Odeeffannoon barbaachisaan madda ragaa tokkoffaafi lammaffaa irraa kan argameedha. Maddi ragaa tokkoffaan namoota dhimma afoola oromoo keessaa eebba irratti muuxannoo gahaa qaban maanguddoota kan hirmaachiseefi akka madda ragaa lammaffaatti immoo dokimentiileen barreeffamaan jiran kan sakatta'amaniidha. Haaluma kanaan qaaccessi qabiyyee eebbaafi sirni raawwii fuudhaaf heeruma kadhaa qorannoo kana keessatti hammatamanii jiru. Malleen funaansa ragaa dhimma itti ba'ame immoo afgaaffii, daawwannaa fi dokimentii xiinxaluudha. Qabiyyee ijoon mataduree kanaa kun: nageenya, kadhaa waaqaa, gaa'ila, hormaata, hawwaasummaafi dinagdee ta'uunsaanii hubatameera. Kanmalees, wantoota jiruufi jireenya ilma namaa keessatti nama mudatan kan akka hariiroo hawaasummaa ,abdi,obsa qabaachuu ni agarsiisa.*

## **Galata**

Duraan dursee waa hundumaa caalaa bu'aa ba'ii hedduu keessa na dabarsee iddoo kanaan kan na ga'e Waaqayyoon guddaan galateeffadha. Itti aansuudhaan gorsaa koo kan ta'an, Tolamaariyaam Fufaa (PhD) dadhabbi tokko malee yeroo isaanii aarsaa godhanii jalqabaa irraa hanga galma ga'iinsa qorannoo kootiitti muxxannoo qaban hunda naaf qoodaniifi waan barbaachisu hundaan gargaarsa wal irraa hin cinne naaf godhan galata guddaan galchaaf. Akkasumas hojii qorannoo kootiif deggersa maallaqaafi yaadanis dadhabbi tokko malee na faana bu'aa kan turan maatii koofi hiriyoota koo hundaa baay'een galateeffadha.

## Hiika Jechotaa

Jechoota qorannoo kana keessatti dhimmaa itti bahaman, dubistootaf haaraa tahu jedhamanii yaadaman akka dubbistoota hinrakisneef, bakka naannoo qorannoon kun itti geggeffameetti hiikaa armaan gaditti kennaamef agarsiisuf kan galanidha.

Abbaarradhaa	Hammadhaa(ilmaaf intala.
Bacaa	Baayyee
Barqaaquu	Dagaaguu ykn bargaagu
Bantii	Durbumm
Buddannee	Kuruphee
Burkutuu	Caccabuu
Dansa	Gaarii yookaan misha
Faroo	Milkii ykn kaayoo.
Firooman	Soddooman
Fixxisiisuu	Afaaniin aannan itti tuttufuu
Foorfachuu	Boqochuu yookaan haara galfachuu
Haalchuu	Fedhuu
Handhuursaa	Guyyaa buna nyaataa.
Hiddooma	Firooma
Hobba'uu	dhumuu
Huddeellaa	Gaafa misirrittii fuudhanii galan nama fardarratti misirrittii qabu
Kallacha	Kan abbaan Gadaa yookaan abbaan Qaalluu adda yookaan kallacha isaaniitti ka'atan .
Kurree	Qadaada

Mi,ii	Aannan ho,aa
Mooqaa	Fal'aana
Quttoo	Faaya rifeensaa dubarri hin heerumin ykn bantii qabdu dabbasaatti godhattu.
Rufa	Uffata kuula yookaan kirrii irraa hojjetamu ta'ee kan abbaan qaalluu mataatti maratu.
Tissoolee	Sirba guyyaa cidhaa sana hamaamotaan mana warra Gurbaatti sirbamu
Sooressa	Ilma hangafaa.
Soorettii	Haadha manaa ilma hangafaa.
Suunqaa	Maddii yookaan boqoo dhungachuu.
Unuu	Xixiqqeessanii dhuguu yookaan abbuuqqachuu
Waarii	Sirba jala bultii mana warra intalaatti sirbamu.
Yooyyaa	Kabaja kan agarsiisu

## Baafata Suuraalee

<b>Suuraalee</b>	<b>Fuula</b>
Suuraa 1: Eebba Fuudha Duraa.....	40
Suuraa 2: Eebba Fuudha Boodaa .....	43



## Baafata

<b>Qabiyyee</b>	<b>Fuula</b>
Axereeraa.....	i
Galata.....	ii
Hiika Jechotaa.....	iii
Baafata Suuraalee.....	v
Baafata.....	vi
Boqonnaa Tokko: Seensa.....	1
1.1 Seenduuba Qorannoo.....	1
1.1.1. Hidda latiinsa Oromoo Gujii.....	3
1.1.2 Ibsa Naannoo Qorannichaa: Aanaa Abbayyaa.....	4
1.1.3 Aadaafi Tuurizimii.....	5
1.2 Ka'umsa Qorannoo.....	6
1.3 Kaayyoo Qorannoo.....	8
1.3.1 Kaayyoo Gooroo.....	8
1.3.2 Kaayyoo Gooree.....	8
1.4 Barbaachisummaa Qorannoo.....	8
1.5 Daangaa Qorannoo.....	8
1.6 Hanqina Qorannoo.....	9
1.7 Qindaa'ina Qorannoo.....	9
Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu.....	11
2.1 Sakatta'a Barruu Yaadrimee.....	11
2.1.1 Maalummaa Fookloorii.....	11
2.1.2 Faayidaa Fookloorii.....	12
2.1.3 Gosoota Fookloorii.....	13
2.1.3.1 Meeshaalee Aadaa.....	13
2.1.3.2 Barsiifata Hawaasaa.....	13
2.1.3.3 Aartii Duudhaa.....	13
2.1.3.4 Afoolaa.....	13
2.1.3.4.1 Amaloota Afoolaa.....	14
2.1.3.4.2 Faayidaa Afoolaa.....	15
2.1.3.4.3 Gosoota Afoola.....	17

2.1.3.4.4	Maalummaa Afwalaloo.....	17
2.1.3.4.5	Amaloota Afwalaloo.....	18
2.1.3.4.6	Faayidaa Afwalaloo.....	20
2.1.3.4.7	Gosoota Afwalaloo.....	21
2.1.3.4.8	Qabiyyee Afwalaloo.....	22
2.2	Sakatta'a Barruu Walfakkii.....	22
2.3	Maalummaa Eebbaa.....	23
Boqonnaa Sadii: Mala Qorannoo.....		33
3.1	Gosa Qorannichaa.....	33
3.2	Madda Ragaalee Qorannichaa.....	33
3.3	Mala Filannoo Iddattoo.....	33
3.4	Malleen Odeeffannoon Ittiin Funaaname.....	34
3.4.1	Daawwannaa.....	35
3.4.2	Afgaaffii.....	35
3.4.3	Dokimentii xiinxaluu.....	35
3.5	Mala Odeeffannoon Ittiin Ibsame.....	36
Boqonnaa Afur: Qaaccessa Qabiyyee Eebba Sirna Raawwii Fuudhaaf Heeruma Kadhaa Irratti Raawwatamu.....		37
4.1	Sirna Fuudhaafi Heeruma Oromoo Gujii Aanaa Abbayyaa.....	37
4.2	Eebba Fuudhaafi Heerumaa.....	41
4.2.1	Eebba Fuudha Duraa.....	41
4.2.2	Eebba Fuudha Boodaa.....	43
4.3	Sirna Fuudha Boodaa.....	45
4.3.1	Sirna Quttoo Hiikuu.....	45
4.3.2	Sirna Maqaa Haaraa Baasuu.....	45
4.3.3	Sirna Maqaa Bal'isuu.....	45
4.4	Qaaceessa Qabiyyee Eebba.....	47
4.4.1	Eebba Nageenya Agarsisu.....	47
4.4.2	Eebba Kadhaa Waaqaa Agarsiisu.....	48
4.4.3	Eebba Gaa'ila Agarsiisu.....	48
4.4.4	Eebba Hormaata Agarsisu.....	50
4.4.5	Hawwaasummaa Kan Agarsisu.....	50

4.4.6 Eebba Dinagdee Agarsisu.....	51
4.5 Yoomessa Eebbaa .....	51
4.6 Faayidaa Eebba sirna raawwii Fuudhaafi Heeruma Kadhaa Irratti Raawwatamuu .....	53
Boqonnaa Shan: Gudunfaa, Argannoofi Yaboo .....	55
5.1 Guduunfaa.....	55
5.2 Argannoo .....	56
5.3 Yaboo.....	57
Wabiilee.....	57
Dabaleewwan.....	61

## **Boqonnaa Tokko: Seensa**

Boqonnaan kun kan irratti xiyyeeffatu haalduree qorannoo kanaa irrattidha. Dhimmootni askeessatti ilaalamanis seenduuba qorannoo, ka'umsa qorannoo, kaayyoo qorannoo, barbaachisummaa qorannoo, daangaa qorannoo, hanqina qorannoofi qindaa'ina qorannoo ofkeessatti haammata. Qabxiiwwan kunniin tokkoon tokkon isaanis tartiba isaanii eegani duraa dubaan dhiyaataniiru.

### **1.1 Seenduuba Qorannoo**

Haawwasni Addunyaa kanarraa jiraatu kamiyyuu aadaa, duudhaa, amantaafi afaan kan mataa isaanii ni qabaatu. Uummanni Oromos, uummata bal'aa baha Afrikaa keessa jiraatufi uummata afoola, aadaa, duudhaa, afaaniifi siyaasa mataa isaa danda'e qabuudha. Qabxiileen armaan oliitti ibsaman kun kanneen eenyummaa saba tokkoo ibsaniifi sabni tokko saba biraa irraa adda bahuu isaa kan agarsiisaniidha. Akka (Dirribii, 2009:349) ibsetti, "Seenaa, aadaa, amantiin uummata tokkoo wal qabataniin eenyummaa uummata sanii waan ibsaniif, siyaasaafi dinagdee ummata tokkoo guddisuu irratti gahee guddaa qabu" jedha. Akka yaada armaan olii kanaatti aadaa ofii kunuunsuun, afoola hawwaasa tokkoo barreessanii olkaa'uun, labata haaraaf dabarsuun, akkasumas aadaan hawwaasichaa akka guddatee bakka yaadame ga'uuf, gaheen hawwaasaafi qorattoota aadaa shoorra olaana qaba. Kanaaf immoo uummatni oromoo eenyummaa isaa beeksisuuf, aadaa, seenaa, amantiin, afaan, walumaagalatti afoola isaa kunuunsee labata irraa labatatti dabarsuun dirqama eenyumma isaati. Kana jechuun aadaa ofii beekuun, afoola ofii barreessanii olkaa'uun, afaan ofiitti fayyadamuun ofbeekuu yookaan eenyummaa ofii ibsuu, akkasumas guddisuu jechuudha.

Uummanni Oromoo bal'aa akkuma ta'e, akkasuma aadaa bal'aafi miidhagaa qaba. (Lammii, 2014:10) bifuma kanaan, Oromoon bal'ina lafa isaa irraa kan ka'e akkaataa inni sirnoota garaa garaa itti gaggeeffatu oromiyaa kutaalee addaa addaa keessatti darbee darbee garaa garummaa haa qabaatu iyyuu malee garri caalan isaa wal fakkaataadha jedha. Kana jechuun eebbi, fuudhaaf heerumniif kan kana fakkaatan gujii keessa jiran godinaalee oromiyaa kan biroo keessa ni jira. Haata'u malee qabiyyeewwaniif haalli dhihannaa isaa garaagara ta'uu danda'a. Keessumattuu akkaataa

itti sirna fuudhaafi heerumaa, akkasumas sirna eebbaafi jilawwan garaagaraa ittiin raawwatan hedduu kan nama bashannansiisuuf barnoota dabarsuudha.

Afoolli daawwitii haala jiruufi jireenya dhalootaa kan ibsuudha. Akkasumas qabeenya hawaasa tokkoo kan ta'e duudhaan, amantiin, dinagdeen, siyaasni hawaasa tokkoo karaa ittiin afaaniin dhaloota irraa dhalootatti darbuudha. Akkuma namni tokko maalummaa isaa daawwitii keessatti argu, hawaasni muuxannoo yeroo dheeraa horate afoola gargaaramuun ofduuba deebi'ee arga yookaan ilaala. Afoolli eebbaa, sirna fuudhaaf heerumaa, durdurii, geerarsa, mammaaksa, hibboo, sirbaafi kan kana fakkaatan ofkeessatti waan hammatuuf baay'ee bal'aadha. Afoolli kunis hawaasni yeroo eebbaa, gaa'elaa, gaddaa, daboo, ayyaanaa waggaa, dhalootaa, hawwiifi mormii isaa ittiin ibsachuuf kan gargaaramu ta'uu danda'a. Afwalaloon kunis aadaa saba sanaafi muuxannoo uummata tokkoo calaqqisiisan akkuma bifa aadaa sanaa qabatee gara dhaloota itti aanuuf darbuu qaba. Kana taasisuuf immoo afwalaloowwan irratti qorannoo yoo taasifame kallattii aadaa sana baatuun akka madda ragaa barreeffamaa ta'uun waan barbaachisuuf qorannoo irratti gaggeessuun murteessaadha. Qorannoon kunis gosa afoola Oromoo keessaa qabiyyee eebba sirna rawwii fuudhaafi heeruma kadhatanii fuudhuu aanaa Abbayyaa qaaccessuu irratti xiyyeeffata.

Afoolli kunis karaa lamaan mul'achuu danda'a. Bifa afhololoofi afwalalootiin. Afhololoo jechuun kanneen akka durdurii fakkaatan bifa seenessuun yookiin himamuun darbaa dhufe yoo ta'u, afwalaloon immoo damee afoolaa keessaa bifa walaloo qabachuun welliffamuun yookaan sirbamuun kan dhaloota irraa gara dhalootatti darbaa dhufeedha. (Finnegan, 1970:223). Kan jechuun immoo afwalaloon bifa walaloon walaleeffamee barreeffamaan osoo hintaane afaaniin hawaasni mataa isaatiin yeedaloo itti uumee, afaaniin jedhee, qaamaan shubbisee dabarsaa tureefi har'as darbuudha. Eebbis gosa afoola Oromoo keessaa tokko ta'ee haala jiruuf jireenya hawaasa tokkoo keessatti faayidaa guddaa qaba. Keessumattuu yeroo fuudhaaf heerumaa, yeroo waltajjiileen jila garaagaraa jiranitti, afoola eebbaa fayyadamuun wal eebbisu.

### **1.1.1 Hidda latiinsa Oromoo Gujii**

Oromoon gujii hidda latiinsa armaan gadii qaba.

Korma-kombo-Jiille\_Waayyu-Aagaa-Boruu-Anna

Gujiin Fincaan Shan qaba

1. Roobalee
2. Harmuufa
3. Muudana
4. Dhallana
5. halchiisa

Gujin bakka gurguddoo afuritti qoodama

- a) Uraagaa
- b) Maattii
- c) Hookkuu
- d) Alaaba

Gujiin balbala torba qaba

1. Uraagaa
2. Maattii
3. Hookkuu
4. Ottuu
5. Weessituu
6. Sheelloo
7. Alaaba

#### **A .Mana 7n Uraagaa**

1. Galaalcha
2. Waajjituu
3. Sarboortuu
4. Aagantumuxii
5. Daraartuu babbaa
6. Golla waajjituu
7. Haloo hangeetuu

## **B. Mana galaalchaa**

- a) Diigaluu
- b) Meettaa
- c) Karrayyuu
- d) Doorinnii
- e) Badii

Galaalchii fi Golli waliif soddaa dha.

## **Mana 4n Waajituu**

- 1. Jaarso
- 2. Raayyanuu
- 3. Kuyyee
- 4. Boorannoo

## **Mana Sarboortu**

- 1. Sarboortuu gaallee
- 2. Sarboortuu Corroo
- 3. Sarboortu Kinnoo
- 4. Sarboortuu Garbichoo
- 5. Sarboortuu Gadonii

## **Mana Agantuu**

- 1. Aagantuu Muxii
- 2. Aagantu Garaadda
- 3. Aagantuu Buudhlituu
- 4. Agantuu Doddoo
- 5. Agantuu Jaarsoo (B.B.O ,1998 :58)

### **1.1.2 Ibsa Naannoo Qorannichaa: Aanaa Abbayyaa**

Aanaan Abbayyaa aanalee godina Gujii Lixaa kudhasadii (13) keessatti argamaan

keessaa ishee tokkoodha. Magaalli aanichaa Gaango'aan, magaalaa godina Gujii Lixaa Bulee Horaa irraa km meetira 100 gara kibbaatti fagaattee argamti. Kana malees, magaalaa guddittii biyyattii Finfinnee irraa km 365 gara kibbaatti fagaattee kan

argamtuudha. Aanaan kun kan daangeffamtu karaa kaabaan godina Sidaamaa aanaa Darraafi Haroo Abbayyaan, kibbaafi bahaan godina Geedi'oo aanalee Wanaagoofi Yirgaa Caffee, kibba lixaan godina Gujii lixaa aanaa Galaanatiin, akkasumas karaa lixaa godina Gamoo Goofaa aanaa Mihiraab Abbayyaatin daangeeffamti. Aanaan kun bal'ina lafaa hek.187,134 kan qabduufi haalli qilleensa ishee baddadaree %30 , Gammojjii %70 yommuu ta'u, ho'ina gidduu galeessaa digirii sentigireedii 21, rooba gidduu galeessaa mm 900-1400, olka'insa sirrii galaana irraa 1200-2060 irratti kan argamtuudha. Uummanni aanichaa hedduun hojii qonnaafi horsiisa beeyladaa irratti jireenyi isaanii kan hundaa'e ta'u illee, daldaalaafi hojiilee addaa addaa irratti kan hirmaatan nijiru.Naannichatti midhaan oomishaman keessaa boqqolloo, xaafii, boloqqee, buna yemmuu ta'an, kuduraa keessaa immoo maxaaxisha, kaasaavaa, raafuufi booyinaatu oomishama. Muduraa keessaa immoo kanneen muuzii, maangoo,abukaadoofi shonkoraan haalaan oomishamu.

### **1.1.3 Aadaafi Tuurizimii**

Aanaan Abbayyaa aadaa hawwata tuurizimiif oolan addaa addaa hedduu qabdi.

#### **A. Qaalluu**

Qaalluun aadaa Oromoo keessatti beekamaadha. Sirni qaalluu qajeelchaa aadaa Oromoo Gujiif hawaasa naannoo Abbayyaa biratti kabaja guddaa kan qabuudha.Barri aangoo abbaa qaalluu hanga lubbuun jiranitti tura. Rifeensa isaanii hin haaddatan rufa maratani kallacha mataatti hidhatu. Abbaan qaalluu yeroo addaa addaatti gumii isaanii walitti qabuun waa'ee haawasa isaanii ni mari'atu. Keessumattuu yeroo roobni dhabamu, dhukkubni hamaan biyya keessatti mul'atu, gara galmaatti deemuun akka uummatni rakkoo kanarraa baraaramuuf waaqa kadhatu. Waaqnis ni dhaga'aaf. Kanamalees,walitti bu'iinsi addaa addaa yeroo uumamu bakka sanatti argamuun nageenyaafi araarri akka bu'u yookaan taasifamu godha.Araarri bu'u kunis Gondooroo jedhama. Gondooroo jechuun kakuu galchisiisuu jechuudha.

#### **B. Bishaan Ho'aa**

Bishaan kun aanaa Abbayyaa ganda oddoo miqee keessatti magaalaa guddittii aanichaa irraa fageenya km shaniitti iddoo waalamee jedhamutti argamti.Bishaan kanaan



dhiqachuun bashannansiisuufi gammachiisuu irra darbee dhukkuboota garaagaraa irraas nama fayyisuuf itti gargaaramu.

### **C. Nyaata Aadaa**

Aanaa kun nyaata aadaa bebbeekamoo hedduu qabdi. Isaan keessaa muraasni: buna qalaa, laaqaa, daraaroo, wandaroo, itittuu, aannan, bookaafi kan kana fakkaataniidha.

### **D .Sirna fuudhaaf heerumaa**

Akkuma beekamu sirni fuudhaaf heeruma Oromoo gujii bakka gurguddaa shanitti qoodama.Isaais:kadhaa, hawwaaddii, addibaana, butiifi dhaala jedhamuun qoodamu.

Walumagalatti moggaasni maqaa aanaa Abbayyaafi magaalaa Gaango'aa kan moggaafame leecallowwan uumamaafi haala teessuma lafa ishee irratti hundaa'uudhaan. Kunis aanaan Abbayyaa maqaa Haroo Abbaayyaa jedhamu kan aanicha keessatti argamuu irraa kan moggaafamte yommuu ta'u,maagalaan Gaango'aa immoo haalli teessuma ishee naannoowaafi uummata kibbaan marfamtee kan argamtu waan taateef, mooggaasni maqaa kun moggaafameef. Gaango'aa jechuun jecha afaan oromoo geengoo jedhu irraa kan fudhatameedha.

*Madda: Aadaafi Tuurizimii Aanaa Abayyaa barreeffama biruusheraa bara*

*2008 A.L.I qophaaye irraa*

### **1.2 Ka'umsa Qorannoo**

Afoolli aadaafi seenaa uummata tokkoo akkuma calaqqisiisu afwalaloon Oromoo uummata Aanaa Abbayyaa aadaa haala jiruuf jireenya uummata Oromoo aanaa sanaa ni calaqqisiisa. Aanaa kana keessa afoolewwan eebbaan walqabatan hedduutu jiru.Isaan keessa muraasni:eebba fuudhaaf heerumaa, seebba jilawwan garaagaraa, eebba ayyaana waggaa, eebba dhalootaafi kan kana fakkaataniidha. Haata'u malee eebbi kun qindaa'ee barreeffamaan taa'ee hinjiru. Hawwiifi fedhiin qoraticha kakaases kana ture.Afoolli kunis yommuu aadaafi muuxannoo hawaasaa calaqqisiisan akka bifa aadaa sanaa qabatee dhaloota dhufuuf darbuuf kunuunsuun barbaachisaadha. Hawaasni yeroo gaa'ilaa yookaan jila garaagaraa afoola fayyadamuun yaada keessa isaanii jiru ibsatu.Yaaduma armaan olii kana deggaruun Okpehwo,(1992:137) akkas jedha,“There is hardly any

occasion or activity in traditional Africa life that is not accompanied by song and chants,”jedha. Ummatni aanaa Abbayyaa yaada kanarraa adda miti.

Afoolli sona hawwaasaa baatee kan jiru yommuu ta’u, keessumattiyyuu eebbi aadaa, fuudhaafi heerumni aadaafi kan kana fakkataan dagatamaa dhufaniiru. Qorannoo kanaafis ka’umsi faayidaa eebbi sirna raawwii fuudhaafi heeruma kadhatanii fuudhuu irratti raawwatamu xiyyeeffannoo dhabuu irraa kan ka’e hafa jirachuusaati. Kana malees, jiraattootni naannichaa sirni eebba fuudhaafi heeruma kadhaa irratti raawwatamu faayidaa akkamii akka qabu ibsuun ka’umsa qorannichaa ta’ee argameera. Sababni isaa afoolli dagatamaa jiru kun fayidaan isaa hubatamee barreeffamaan yoo taa’e, dhaalotni itti aanu itti fayyadamuu danda’a jedhamee waan itti amanameef. Kanaaf mata duree kana irratti qorannoo gaggeessuun barbaachise.

kanaafuu xiyyeeffannoon qorannoo kanaa damee afoolaa keessaa qaaccessa qabiyyee eebba sirna raawwii fuudhaafi heeruma kadhaa irratti raawwatamu, qabiyyee akkamii akka qabu, yoomessa akkamii keessatti akka raawwatamu, faayidaa akkamii akka qabu irratti xiyyeeffate. Qabxiileen armaan olitti ibsaman kunniin qabbana’aa yookaan dagatamaa yoo dhufan, dhalootni boodaan dhufan aadaafi safuu hawaasichaa beekanii itti fayyadamuu dhabuun,akkasumas safuu hawaasichaa kabajuu dhabuun dhiibbaa aadaa hawaasichaa irratti fida. Aadaan hawwaasichaas akka dagatamuufi akka badu taasifama. Kanaaf immoo furmaatni afoola oromoo eebbaan walqabatan walitti guuruun qindeessanii barreeffamaan dhalootaaf kaa’uun, akka dhalooti boodaa itti fayyadamu gochuutu barbaachisaadha. Bifuma kanaan qorannoon kun gaaffilee bu’uraa armaan gadii deebisuu danda’eera. Gaaffileen bu’uraa kunniinis:-

- ❖ Eebbi maalii?
- ❖ Qabiyyeen eebbichaa maalfaadha ?
- ❖ Eebbi sirnaa raawwii fuudhaafi heeruma kadhaa irratti gaggeeffamu yoomeessa akkamii keessatti raawwataa?
- ❖ Eebbi sirna raawwii fuudhaafi heeruma kadhaa irratti gaggeeffamu faayidaa maalii qabaa?

### **1.3 Kaayyoo Qorannoo**

#### **1.3.1 Kaayyoo Gooroo**

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa qabiyyee eebba sirna raawwii fuudhaafi heeruma kadhaa irratti raawwatamuu qaaccessuudha.

#### **1.3.2 Kaayyoo Gooree**

- ❖ Maalummaa eebbaa ibsuuf
- ❖ Qabiyyee eebbichaa qaaccessuuf
- ❖ Yoomessa eebba sirna raawwii fuudhaaf heeruma kadhaa irratti geggeeffamuu mul'isuuf.
- ❖ Faayidaa eebba sirna raawwii fuudhaaf heeruma kadhaa irratti raawwatamuu addeessuudha.

### **1.4 Barbaachisummaa Qorannoo**

Qorannoon kun qaaccessa qabiyyee eebba sirna raawwii fuudhaafi heeruma kadhaa irratti raawwatamu irra darbee, gosootni afoolaa biroon akka qoratamaniif karaa saaq. Kanamalees, faayidaa eebbi sirna raawwii fuudhaafi heerumaa irratti raawwatamu hawaasaaf qabu xiinxaluun guutummaa afoolaa qorachuuf nama kakaasa. Kunis uummatni faayidaa isaa beekke dhaloota boodaaf akka dabarsu kakaasuufi hubachiisuuf gargaara. Haaluma kanaan qorannoon kun namoota kitaaba barnoota afoolaa qopheessaniif madda wabii ta'uu danda'a . walumaagalatti faayidaan qorannicha irraa argame:

- Gosa afoolaa kana badiirraa yookaan dagatamuurraa hambisuu.
- Namoota qorannoo kana fakkaatu hojjechuuf fedhii qabaniif yaada ni gumaacha.
- Waajjira aadaafi tuurizimii godina Gujii Lixaa aanaa Abbayyaa akka madda odeeffannootti gargaara.
- Namoota kitaaba barnoota afoolaa qopheessaniif madda wabiiti .

### **1.5 Daangaa Qorannoo**

Afoolli Oromoo baayyee bal'aadha. Damee hedduu ofjalatti hammata. Isaanis: kanneen akka mammaaksaa, eebbaa, geerarsa, faaruu loonii, ateetee, sirba gaa'ilaafi kan kana

fakkaatan maqaa dhahuun nidanda'ama. Dameewwan kanneen bakka tokkotti qorachuun immoo yeroo murtaa'e keessatti waan danda'amu miti. Kanaafuu qorannoon kun kallattiin kan xiyyeeffatu, gosoota afoola Oromoo keessaa qaaccessa qabiyyee eebba sirna raawwii fuudhaafi heeruma kadhatanii fuudhuu irratti raawwatamu kan Gujii Lixaa aanaa Abbayyaati. Sababni daangeffama aanichaas iddoo hojii qoratichaatti dhiyoo waan ta'eefi kanamalees, qoratichi hirmaataa aadaa hawaasa naannichaa waan ta'eef, bakkicha daangessuu danda'eera.

### **1.6 Hanqina Qorannoo**

Qorannoon kun afoola oromoo keessaa qaaccessa qabiyyee eebba sirna raawwii fuudhaafi heeruma kadhaa godina Gujii Lixaa aanaa Abbayyaa qofa irratti kan xiyyeeffatuudha. Haaluma kanaan dhimma qorannoo kanaa ilaalchisee hanqinootni mul'atan, kanaan dura ragaaleen qinda'aan kan hin jirreefi, qorannoon kanaan dura mata duree kana irratti hojjetame yookaan geggeeffame akka ka'umsaatti qoraticha fayyadu kan hin argamne yoo ta'ellee, hanga danda'ametti odeeffannoo afgaaffiidhaan namoota haala qabatamaa hawaasa naannichaa seenaa, aadaa, afoolaafi duudhaa hawaasichaa sirriitti beekaniif keessatti hirmaachaa turan adda baasuun gaafachuun odeeffannoo qorannoo kanaa qindeesseen jira. Kanamalees, daawwannaafi dokimentiilee barreeffamaan jiran sakatta'uun qindeessee jira.

### **1.7 Qindaa'ina Qorannoo**

Qorannoon kun boqonnaalee shanitti qoodame kan dhiyaatedha. Boqonnaa isa tokkoffaa keessatti seendubee ibsa naannoo qorannichaa, ka'umsa, kaayyoo, barbaachisuummaa, daangaa, hanqinaafi qindoomina qorannichaatu argama. Boqonnaa lamaffaa keessatti immoo sakatta'a barruu, sakatta'a barruu walfakkii, maalummaa fookloorii, faayida fookloorii, gosoota fookloorii, afoolaa, amaloota afoolaa, aayidaa afoolaa, gosoota afoolaa, maalummaa afwalaloo, amaloota afwalaloo, faayidaa afwalaloo, gosoota afwalaloo, maalummaa eebbaa, qabiyyee eebbaa, yoomessa eebbaa, faayidaa eebbaafi kan kana fakkaatantu haala qabiyyee isaaniitiin dhiyaateera.

Boqonnaa sadii keessatti malleen qorannoon kun ittiin geggeeffame kan hammatuudha. Boqonnaa araffaa keessatti gosoota afoolaa keessaa qaaccessa qabiyyee eebba sirna raawwii fuudhaafi heeruma kadhaarratti raawwatamu, yoomessaafi iddoo sirni fuudhaafi

heerumaa jiru iyyaafachuun ergan mirkaneeffadhee booda bakka sanatti argamuun afgaaffiifi daawwannaa taasifameen odeeffaannoon kan wallitti qabameedha. Adeemsa kana keessatti suuraa kaasuun ragaa barbaachisan kan walitti qabameedha. Odeeffannoon walitti qabamaniis yaada ka'uumsa xiinxala qabiyyee ilaalchisaniin eeranirratti hunda'uun qabiyyeen qooqqodamanii qaacceffamaniiru. Ibsis itti kenameera. Dhuma qorannoo kanaa kan ta'e, boqonnaan shan immoo gudunfaa, argannoofi yaboo qorannichaa ofkeessatti hammata. Wabileefi dabaleenis qaama qorannoo kanaati.

## **Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu**

Boqonnaan kun sakatta'a barruulee irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, qabxiilee gurguddoo sadii of keessaa qaba. Isaanis: (2.1) jalatti sakatta'a barruu yaadrimee gama fooklooriin jirantu ka'e. Kana malees, yaada hayyooni adda addaa waa'ee qabiyyee afoolaa keessaa afwalaloo irratti maal akka jedhan ibsamaniiru. (2.2) jalatti immoo sakatta'a barruu walfakkiitu dhiyaata (2.3) Maalummaa eebbaafis ibsasaatu duraa duubaan dhiyaata.

### **2.1 Sakatta'a Barruu Yaadrimee**

Kutaa kana keessatti yaadrimeewwan addaa addaa qorannoo kanaan wal simatutu sakatta'ama. Isaanis haala armaan gadiin duraa duubummaa isaa eegee dhiyaataniiru.

#### **2.1.1 Maalummaa Fooklorii**

Jechi fooklorii jedhu kun erga beekamee yeroo dheeraa ta'uyyuu, hanga ammaatti hiikni qabatamaan kana ta'uu qaba jechuun irratti walii galame hin jiru. Haata'u malee yaadni walii gala hiikawwan fookiloorii mara keessatti argamu kan barreeffamaan kaa'amee jiru caalaa kan afaaniin yookiin gochaan qindaa'ee dhalootarraa dhalootatti darbaa dhufeedha. Yaada kana ilaalchisee (Thomson, 1981:79) akka armaan gaditti ibsa. *"Although the word folklore is more than a century old an exact agreement has never been reached at its meaning. The common idea present in all folklore is that of tradition some thing handed down from one person to another and preserved either by memory or practice rather than written record"*.

Akkuma ibsa kanarraa hubachuun danda'amutti jechi fookiloorii jedhu umurii jaarraa olii qabaatus, hiikni isaa kana jedhamee itti walii galamee hinjiru. Yaanni hayyootni fooklorii hundi dhiyeessan fookilooriin barsiifata wanta nama tokkorraa gara nama biraatti daddarbaa dhufeedha. Innis barreeffamaan osoo hintaane yaadachuun yookaan shaakaluun ta'uusaati. Gama isaatiin maalummaa fooklorii yommuu ibsu. *"Folklore is the part of the culture customs, beliefs of society that is based on popular tradition. It is produced by the community and usually transmitted orally or by demonstration"* jedha. Yaada kana irraa wanti hubannu fookloriin bal'inaan aadaa, amantaafi duudhaa hawaasichaa irratti kan hundaa'uufi isaanumaan uumamee yeroo baay'ee afaaniin dhalootaa dhalootatti kan dadarbu ta'uu isaati. (Melakne, 2006:8) ammoo Fooklorii

akka kanaa gadiitti ibsa. “Every group bound together or by common interest and purposes whether educated or uneducated rural or urban, possessed tradition which may be called it folklore,” jedha. Yaada armaan olii kanarraa kan hubannu fookloorii jechuun garee hawaasaa amala wal isaan fakkeessu qaban kan baratees ta’e, kan hin baratiin, kan baadiyyaas ta’e, kan magaalaa kan walitti isaan hidhu jechuudha. Kana jechuun hawaasni kamiyyuu waan wal isaan fakkeessu kan qabaniifi hawaasni barateefi hin baratiin akkasumas, magaalaa fi baadiyyaan kan hin daangeffamneedha. Walumaagalatti maalummaa fookloorii ilaalchisee yaada hayyoota armaan olii irraa kan hubatamuu danda’u, fooklooriin beekumsaafi amantaa aadaa hawaasichaa afaaniifi gochaan dhalootarraa dhalootatti darbaa kan dhufeeffu darbaa jiru fuulduratti kan darbu damee aadaa saba tokkoo ta’uusaati.

### **2.1.2 Faayidaa Fookloorii**

Faayidaa fooklooriin jiruufi jireenya hawaasa tokko keessatti qabu hedduu akka ta’e beektoonni fookloorii addaa addaa ni ibsu. Beektoonni kunneen fooklooriin hawaasa tokkoo gama hawaasummaatiin, siyaasaatiin, aadaa, seenaa ilaalchisee faayidaa hedduu kan qabu ta’uu eeru. Fakkeenyaaf (Misgaanuun, 2011:12) akka armaan gadiitti ibsa. Fooklooriin dhaloota darbeefi kan ammaaf riqicha ta’ee wal quunnamsiisa’’. Kana jechuun hambaalee bara duriitti turaniif jiran dhaloota har’aatti agarsiisuun maalummaa uummatachaa walitti fida. Fooklooriin madda ragaati. Kunis qorannoon seenaa, aadaa, duudhaafi haala uummata tokkoo keessatti bifa madda ragaatiin waan dhihaatuuf uummata madda ragaa barreeffamaa hin qabneef madda qorannoo, seenaa, aadaa, duudhaafi amantaa godhachuun fooklooriin ni tajaajila. Kanamalees, fooklooriin uummata madda seenaa barreeffamaa qabu biratti akka meeshaa sirna siyaasaa, aartii, barnoota diinagdeefi hawaasummaa keessatti ni tajaajila. Akkasumas, gita qabsoo keessatti gahee olaanaa qaba. (R. Dorson, 1972:66) fi (Misgaanuu, 2011:1). Faayidaa fookloorii ilaalchisee kanneen armaan olii haacaqasaman malee, kanneen waliin mormiif, naamusaafi safuu wal barsiisuu, bashannansiisuuf, ooltee bultee guyyaa guyyaa, muddannoo hawaasaa ibsuuf oolu nidanda’a.

### **2.1.3 Gosoota Fookloorii**

Gosoota fookloorii ilaalchisuun beektonni garaagaraa yaada isaanii ka'aniiru. Isaan kana keessaa (Feqaadee, 1991:1) R. Dorson irraa fudhachuun "Afoola, meeshaa aadaa, aartii duudhaafi barsiifata hawaasaa" jechuun wantoota fooklooriin haammatu kana bakka afuritti (4) qoodee jira

#### **2.1.3.1 Meeshaalee Aadaa**

Meeshaaleen aadaa meeshawwan hawaasni yeroo dheeraaf itti fayyadamaa tureefi kan hawaasni yeroo ammaa itti fayyadamaa jiru mara kan hammatuudha. (Feqaadee, 1992:15) meeshaaleen aadaa kan ijaan argamuufi harkaan qaqqabatamuu beekumsa hawaasichaatiin bareedina gonfatee kan dhalli nama itti gargaaramu jechuun ibsa.

#### **2.1.3.2 Barsiifata Hawaasaa**

Barsiifatni hawaasaa gocha hawaasni tokko amaleeffannadhaan irraa deddeebi'ee rawwatuudha. Hawaasni yeroo irraa deddeebi'ee raawwatu itti yaadee, itti amanee waan tokko naaf ta'a jedhee kan rawwatuudha. Fakkeenyaaf amantaan jilawwan addaa addaa ofkeessaa qaba. Barsiifatni hawaasaa irraa caalaa amantaa irratti kan xiyyeeffateedha.

#### **2.1.3.3 Aartii Duudhaa**

Aartiin duudhaa dhimma sochii qaaman mul'atuudha. Sochiin qaamaa kunis dhiichisa, shaggooyyee, ragaada, geelloofi kan kana fakkaatan ofkeessatti qabaachuu danda'a. Akkasumas akkaataa uffannaafi dibataa illee ofjalatti hammachuu kan danda'u. (Fiqaadee, 1991:1) fi (Misgaanuu, 2011:12)

#### **2.1.3.4 Afoolaa**

Afoolli (oral literature) gosoota fookloorii keessaa isa tokkoodha. Maalummaa afoolaa ilaalchisee beektonni addaa addaa haala garaagaraa irraa ka'uudhaan hiika addaa addaa kennaniiru. Isaan keessaa (Melakne, 2006:13) "Literature refers to hirval heritage of mankind transmitted from generation to generation by word of mouth," jechuun ibsa. Yaadni isaa kun afoolli akkuma maqaa isaa himamsa afaaniin yookaan dubbiin dhalootarraa dhalootatti kan darbu ta'uusaati. Haaluma kanaan, Afoolli eenyummaa saba tokkoo, amantii, haala jiruufi jireenyaa, heeraafi seerasaa akkasumas ilaalchi inni addunyaa irra jiru qabu kan ittiin dhaloota itti aanuuf dabarsuudha. Yaada armaan olii



kanarraa kan hubannu afoolli seenaa aadaa saba tokkoo kan fuulduraatti tarkaanfachiisaa dhufeeffi gara fuulduraattis kan itti fufudha.

Kanumaan walqabatee (Jaarraa W.B fi W.B Yaadatee, 2000:148) hiika afoolaa akkas jedhe. Afoola jechuun kan dhaloota irraa dhalootatti afaaniin darbu hambaa uummataati. Abbummaan osoo hin ta'in uummatummaan beekama. Namni mirga abbummaan falmatu waan hinjirreef jiruufi jireenya hawaasichaa keessaa kan burqe fakkaata. (Finnegan,1976:24) waa'ee afoolaa yoo ibsitu "oral literature is by definition dependent on a performer who formulates it in words on a specific occasion. There is no other way in which it can be realized as literary product." Yaada armaan olii kanarraa kan hubannu afoolli ogummaa afaaniin kan hundaa'u, raawwatamuufi daddarbuudha. Kanamalees, miidhaginni ogummaa kanaa kana irratti hundaa'uun dandeettii ogummichi akka dhalatuufi guddatuuf dirqama fudhatuudha. (Geetaachoo,2005: 65) yaaduma armaan olii deggaruun afoolli ogummaa afaaniin yookiin dubbiidhaan dhalootarraa dhalootatti darbu ta'uusaa ibsaniiru. (Bukanya,1994:84), waa'ee afoolaa yoo ibsu "Oral literature is the heart of people's way of life it is the very soul of their culture." Yaada kanarraa kan hubannu afoolli aadaafi haala jireenya saba tokkoo kan ibsu ta'uu isaati. Walummaagalatti yaada hayyootaa kanaa irraa hubachuun kan danda'amu afoolli hambaa saba tokkoo ta'ee afaaniin dhalootarraa dhalootatti kan daddarbu ta'uu isaafi hiikaa afoolaa haala darbiinsaa, amalasaafi faayidaasaa irraa ka'uun ibsamuudha.

#### **2.1.3.4.1 Amaloota Afoolaa**

Waa'ee afoolaa yeroo ibsinu wanti dagatamuu hin qabneefi waliin ka'uu qabu keessaa inni guddaan amaloota afoolaati. Amaloota afoolaa kanneen keessaa jajjaboon uummatummaa, lufummaafi jijjiiramummaadha. Afoolli kalaqa ilma namaan yaa uummamu malee kan abaluuti jechuuf ragaa hin argamuuf. Kanaaf afoolli kan uummataati. Sababuma kanaan amala uummatummaa qaba jedhama. (Wasanee,2001: 170). Lufummaan haala ogafaan dhalootaa dhalootatti darbuun kan walqabatuudha. Ogafaan bara kalaqamee eegalee hanga har'aatti utuu daddarbuu har'a ga'eera. Dhaloota dhufuttis haaluma wal fakkaatuun lufa. (Misgaanuu, 2011:30). Yaadrimee armaan oliirraa kan hubannu afoolli uummataan uumame, uummata yeroo sanaa qofa tajaajilee kan hin dhaabbannefi gara dhaloota itti aanustti kan darbu ta'uu isaati.

Inni biraan, amala jijjiiramaa (dynamic) afoolli qabuu dha. Akka yaada hayyuu kanaatti afoollii waan afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbuuf jijjiiramaa adeemuusaa mul'isa. Fakkeenyaaf, afoolli dhaloota irraa dhalootatti yommuu darbu jijjiirama qabiyyee, unkaafi hiikkaa haala yoomessaa irratti hundaa'ee itti dabaluu yookaan irraa gatamuu kan danda'u ta'uusaa ibsa. Dabalataanis, amala afoolaa ilaalchisee (Geetaachoo2006:141) Afoolli gochaan kan wal qabatu ta'ee, yeroo baay'ee gumiidhaan kan dalagamu akkasumas wantoota darbe irratti kan xiyyeeffatu ta'uusaa ni ibsa. Akka yaada kanaatti afoolli kan iftooma qabu, kan gareen dalagamuufi kan jireenya darbe irratti hundaa'u ta'uu isaa mul'isa. (Okpehwo,1992:5), amala afoolaa yoo ibsu, afoolli hirmattoonni gamtaan walitti dhufanii wal deggeruun kan dalgamuudha. Dalagichis sochii qaaman kanneen akka harka rukutuu, fuula guuruu, mata raasuun deggeramee kan dhiyaatu ta'uusaati. Kanniin qofa osoo hinta'in safaaniin himamuun, waltajjii hawaasummaa garaagaraa irraatti adeemsifamuun amala afoolati. Walummagalatti, afoolli dhimmoota waltajjii hawasummaa garaagaraa irraatti kan adeemsifamuudha.

#### **2.1.3.4.2 Faayidaa Afoolaa**

Afoolli hawaasaan kalaqamee itti faayadamuuf tajaajila baay'ee kenna. Yaada kana (Bukeenya,1994:85) yoo ibsu:-“Oral literature impacts to the growing person useful cognitive, informative and affective skill which enable the person to life and to be useful member of a society,”jedha. Akka yaada isaatti afoolli namni tokko mallattoo nuffii tokko malee osoo hin agarsiisiin hawaasa irraa akka baratuufi sammuu isaas akka gabbifatu isa taasisa. Gabbinni sammuu kun miseensi hawaasa tokkoo naannawaa isaa akka beekuufi walitti dhufeenya gaarii akka qabaatu sadarkaa waa hubachuusaa guddisuu irratti gahee guddaa qaba. Haaluma walfakkaatuun (Hinseenee, 2010:3) faayidaa afoolaa yommuu ibsu:“Afoolli ijoolleef barumsaafi beekumsa afaaniif bu'aa guddaa qaba. Nannoo barsiisa. dandeettii waa qabaachuu ni guddisa, seeraafi miidhagina afaanii ni barsiisa.

Kanarraa kan hubannu ijoolleen dandeettii garaa garaa akka horataniifi bilchina sammuu akka argatan kan gargaarudha. Kanamalees, (Feqaadee 1991:1), (Geetaachoo,2005:52), (Misgaanu, 2011:1)fi (W.B fi W.B Yaadate,2000:148) akka ibsanitti faayidaa afoolaa bakka addaa addaatti qoodanii kaa'uun ni danda'ama. Faayidaalee gurguddoo afoolaa

keessaa inni tokko faayidaa ibsuuti. Afoolli gosa kanaa gaaffiilee bu'uuraa ka'aniif deebii kan kennuudha. Dhalli namaa jireenya isaa keessatti wantoota isaaf hin galle maraaf deebii argachuu barbaada. akkasumas ni carraqa. Waa'ee uumamaa, waa'ee dhuftee wantootaa uumamee baruuf gaaffii garaagaraa ni kaasuu. Fakkeenyaaf gaangeen maaliif hindhaltu? gaaffiilee jedhuuf afoolli deebii kennuun tajaajila. (Misgaanuu, 2011:1). Hawaasni tokko madda dhaloota isaa yookaan haala ittiin wal hore hacuuccaa irra gahaa ture, quunnamtii uummata biro waliin qabu hunda ittin ibsatan afoola ta'uu ibsa.

Faayidaan afoolaa inni lammaffaan cimsuufi dhaamsa dabarsuudha. Kunis aadaa seenaa, amantiifi kan kana fakkaatan qabeenya hawwaasaa kan cimsuufi dhaloota haaraaf kan dabarsuudha. (Geetaachoo, 2005:52). Kana malees, afoolli miliquuf kan fayyadudha. Dhalli nama jireenya isaa guyyaa guyyaa irra deddeebiifi nuffisiisaa ta'e keessaa bahee addunyaa haaraa keessa argaa yaadaatiin galuu barbaada.

Kanas kan godhu taphaafi kolfa afoola keessa jiru qooddachuudhaan ta'a. Barsifataafi aadaa cabsuudhaan jechoota saalfii ni dubbata. Waan haalli uumamaafi teessumni lafaa illee isa dhorke, kan inni raawwachuu barbaadu, garuu hin dandeenye hunda afoolaan fayyadamee raawwata. Fakkeenyaaf jechoota lagu ta'an kan bakka namoonni gurguddaa, maanguddoonni jiranitti kanneen hin dubbatamne arrabsootti gargaaramuun yeroo sana dubbatama. (Feqaade, 1991:1) fi (Misgannuu, 2011:12). Faayidaan afoolaa inni biraan to'achuudha. Hawwaasni afoolaan dhimma bahuun ijoolleesaa namuusaan akka jiraatan to'ata. Namoota namuusa gaarii hinqabne ittiin arrabsa, ittiin abaara. Warra namuusa gaarii qaban, warra safuu hawaasiichaatiin bulan ittiin dinqisiifata, hoodaa, hammeenya, hanna, jibbiinsa qabu ittiin ibsa. Afoolli amaloota gaarii hin taane kan hawaasni jibbuu akka hin babal'anne ittiin to'achuuf gargaara (Feqaade, 1991:1). Faayidaa afoolaa iaalchisee kanneen armaan olii haa caqasaman malee kanneen siyaasa, bashannansiisuuf illee ooluu ni danda'a. Faayidaa afoolaa armaan oliitti ka'an bu'uura godhachuun gosa afoolaa keessaa eebba sirna raawwii fuudhaafi heeruma kadhaa irratti raawwatamu qorannoo kana keessatti faayidaa isaan hawaasa itti dhimma bahuuf kennaan ni ilaalama.

#### **2.1.3.4.3 Gosoota Afoola**

Gosoota afoolaa ilaalchisuun beektonni garaagaraa yaada isaanii ka'aniiru. Fakkeenyaaf Encyclopedian gosoota afoolaa yoo ibsu:"

*The genres of oral literature covers spoken and song expressions. They may be further divided in to the two larger grouping of folk narrative including myth, legend, tales, and folk song and such other smaller genres of proverb, riddle and belief or superstitions. Folk narrative is a wide range of oral prose traditions" (1993:308).*

Akka yaada armaan oliirraa hubachuun danda'amutti afoolli gosa gurguddoo lama hammachuu danda'a. Isaaniis: afwalaloofi afseenessaa akka raagamtaa, afseenaa, durdurii yoo ta'u, afwalaloon immoo bifa muuziqaa qabaatee afaaniin kan dadarbuuta'uusaati. Dabalataanis (Finnegan, 1970) yaaduma kana ilaalchistee: Afoolli walumaagalatti karaa lamaan ilaalamuu kan danda'u yoo ta'u, inni tokko kan nama hawwatan ta'anii dubbiidhaan kan darbaniifi lammaffaan immoo bifa afwalaloon kan dhiyaatu ta'uu ibsiti. Yaada kanarraa hubachuun kan danda'amu afoolli gosa gurguddoo lama kan qabu ta'uusaati. afwalaloofi afseenessaadha. Gosoota afoolaa armaan oliitti tarreeffaman bu'uurreffachuun gosa afoolaa keessaa eebba sirna raawwii fuudhaafi heeruma kadhaa irratti raawwatamu qaaccessuudha. Ogafaan bara kalaqamee eegalee hanga har'aatti utuu daddarbuu har'a ga'eera. Dhaloota dhufuttis haaluma wal fakkaatuun lufa. (Misgaanuu, 2011:30). Yaadrimee armaan oliirraa kan hubannu afoolli uummataan uumamee, uummata yeroo sana qofa tajaajilee kan hin dhaabbanneefi gara dhaloota itti aanutti kan darbu ta'uu isaati.

#### **2.1.3.4.4 Maalummaa Afwalaloo**

Afwalaloon gosa afoolaa keessaa tokko ta'ee, bifa walaloon qindeeffamee kan afaaniin dhaloota irraa dhalootaatti darbuudha. Maalummaa afwalaloo ilaalchisee, (David, 1995:2) Yoo ibsu " Oral poetry can be defined in various ways stric definition would include only potery that is composed and transmitted with out any aid of writing," jedha. Akka inni jedhutti afwalaloon haala garaagaraan hiikamuu danda'a. Isaan keessaa hiikni kallattii walaloo barreeffaman osoo hin taane afaaniin darbuudha. (Feqaade, 1991:86)" Afwalaloo jechuun yeroo baay'ee bifa muuziqaa qabatee bareedina gonfachuun haala duraa duuba isaa eegatee kan dhiyaatu" jechuun hiika. Yaada armaan olii irraa

hubachuun kan danda'amu afwalaloon bifa miidhagina qabuun dura duuba isaa eeggatee kan dhiyaatu, qabeenya hawaasaa akka ta'eedha. Kana jechuun immoo afwalaloon aadaafi safuu hawaasicha haala nama hawwatuun ibsuufi kan dabarsuudha.

Haaluma wal fakkaatuun, (Premingerfi Borgan,1993:863) qabxiilee armaan olitti ka'an yeroo ibsan,afwalaloon duudhaa hawaasaa kan of keessatti qabu, irra caalaa hawaasaa hin baranneen kan kalaqamuudha jedhu. Walumaagalatti maalummaa afwalaloo ilaalchisee yaadni jiru baayee bal'aa ta'usaa hayyuun garaagaraa ni ibsu. Afwalaloon aartii jechootaatti fayyadamuudhaan dhugaa miira keenyaa galmeessee, keessa keenya keessatti tartiibaafi boca qabsiisee tokko karaa namni sagalee faaruufi sirbaan ibsatuudha. Umuriin afwalaloo umurii kalaqaafi hurrubummaansaa yeroo jalqabaaf namni walitti dhufee itti wal bohaarsuu yookaan bashannansiisuu yeroo jalqabe kaasee akka ta'es hayyootni garaagara ni ibsu. Kunis afwalaloon umurii dheeraa kan qabu nama bashaannansiisuu kan danda'u, ergaa barbaadame dabarsuu irratti ga'ee guddaa qabaachuu isaa ibsa.

#### **2.1.3.4.5 Amaloota Afwalaloo**

Afwalaloon tokko lubbuu horatee afuura argatee, dhugoomuuf amaloota addaa addaa qabaata. (Feqaade, 1991:86), (Melakneh, 2006:13) Isaaniis:

#### **A. Dalagaa (Hurrubummaa)**

Amaloota afwalaloo ta'ee adda durummaan kan caqasamu yookaan tuqamu keessaa tokko dalagaadha. Dalagaa yeroo jennuu firiwwaan afwalaloo miidhagina goonfataniif afaan nama wellisuu yookaan dubbisuu keessaa yommuu bahu gochaan wal simatanii dhiyaachuu isaaniiti. Fakkeenyaaf yoo iddoo gaddaa ta'e, akka nama garaan raafamee booyuu danda'uu faaruu booyaa sana sochii fuula isaa irraa mul'atuufi gochaan waan agarsiisu sana irraa ka'e nama boossisuu danda'uudha. Jilaa yoo ta'es abbaan afwalalootti dhimma bahu sun immoo dandeettii sagalee uumaan kenname sana fayyadamee qaama isaa yookiin mormaa isaa dhommoksee yommuu ragadu yookiin dhiichisu akka faana wellisanitti yookaan ragadanitti hordoftoota isaa ittiin hawwachiisuuf jecha dalagaatti dhimma ba'a.

(Finnegan, 1970) yaada kana yeroo ibsitu: “The significance of performance in oral literature goes beyond more matters of definition for the nature of performs impact of particular literary form being exhibited,”jetti. Akkuma armaa olitti tuqame afoolli dhiiga fooniifi lafee qabatee hiikaa argachuu kan danda’u dalagaa irratti hundaa’ee ta’uusaati. Oral literature is by definition dependent on a performer who formulates it in words on specific occasion. There is no other way in which it can be realized as a literary product,”(Finnegan,1970). Walumaagalatti afwalaloo humna godhachuu kan danda’u dalagan agummaa dhuunfaa nama dalaguu sanaa murteessadha.

### **B. Hirmaattoota**

Akkaataan uumama afoolaa amala gamtaa’inaa akka qabu ni hubanna. Afwalaloon tokkos yommuu dalagamu baayinaan hirmaattota yookiin warra jalaa qaban qaba. Kana jechuun namni tokko yoo afwalaloo sana wallisu yookaan eebbisu ofii isaatii qophaa ta’e miti. Namni jedhu suni firiwwan afwalaloo sana irratti hudnaa’ee gahee hirmattootni achii irratti qaban olaanaadha. Qooda olaanaa qabaachuu isaani (Finnegan,1970) akkas jettii: “A further essential is the audience which is the care with written forms is often direct involved in the actualization a creation of place of oral literature. According to convention genre and personality the artist may be receptive”. Yaada kanarraa hubachuun kan danda’amu, barbaachisummaa hirmaattoota afwalaloo tokkoo keessatti kan bifa barreeffamaan ta’e osoo hin taane kallattiin hirmaachuu jalqabaan akkaataa firii afwalaloofi amala isaa irratti hunda’uun dalagaa sana jajjabeessuu isaaniiti. Hirmaattoonni afoolaa yeroo baay’ee gamtaan irratti hirmaatu. Dalagaan yeroo dhiyeessan jala qabu. Dabaree dabareedhaan wal harkaa fuudhanii waltajjii afoolaa miidhagsu. Fakkeenyaaf akka aadaa Oromooti mana cidhaatti jaarsi yoo eebbisu yookaan kaan yoo sirbu, kaan immoo jala qabuun irratti hirmaatu.

### **C. Jijjiirama**

Jijjiiramni afwalaloo jijjiirama afoolaa waliin wal fakkeenya qabu. Kana jechuun afwalaloo tokko afaaniin dhaloota irraa gara dhalootatti kan darbuudha. Afoollis akkasuma afaaniin darbaa dhufe. Yeroo kana keessatti namni waan dabarsuu sana akka ofii isaatti toluutti yookiin yaadachuu dadhabuu isaa irraa kan ka’e bifa addaa addaan

dabarsa. Yeroo kana immoo jijjiiramaa deema. Jijjiirama afwalaloo ilaalchistee, (Finnegan, 1977:241) akkas jetti. There are the cases when the performer introduces variation on older pieces or even totally new forms in terms of the detailed wording the structure or the content.” Yaada ishee kanaa irraa wanti hubannu dalagaan afwalaloo tokko jijjiirama afwalaloo keessatti ga’ee akka qabuudha. Jijjiirraa inni fiduu danda’us afwalaloo sana hanga tokko yookiin guutummaan bifa, jecha sanaa, caasaa yookiin qabiyyeen illee akka jijjiiramuu danda’u eerti.

Walumaagalatti amaloota afwalaloo ilaalchisee (Premingerfi Borgan, 1993:863) akka jedhanitti, malli guddaan afwalaloo ya’aa qabiyyee afwalaloo bifa daangaa hin qabneen gochasa keessatti calaqqisiisuudha. Qabiyyeen afwalaloo kunis dhugaa miira keenya keessa jiru ifa baasuudhaaf cimina dhangala’a aartii qabuun dhiyaata. Dhugaan kunis ergaa yaa’aa afwalaloo guutummaa qabuun waan ta’eef tokkooffaa bifasaa eeggatee sagalee qooqa keessa bahuufi sochii qaamaatiin deggeramee altokkoon dhaggeeffatoota hedduuf dhiyaata. Jijjiirama yaadaafi qalbiis agarsiisuu danda’a. kanuman wal qabatee afwalaloon ga’ee guddaa waan qabuuf bifa barreeffamatiinis ta’uu qaba.

#### **2.1.3.4.6 Faayidaa Afwalaloo**

Faayidaa afwalaloo ilaalchistee (Finnegan, 1977:241) faayidaan afwalaloon qabu wal keessa jira. Walmakaadha jetti. Kunis kan irratti hundaa’u amala qabiyyee fi dhaamsa inni dabarsuu barbaade irrattiidha. Haaluma walaloo sanaarratti yoomessa walalichi ittiin dhihaate irratti fedhii kaayyoo fi gita walaloon sun qabu irratti hunda’uun tajaajiluu danda’a. Faayidaan afwalaloo bashannansiisuuf miira ibsuu, hawaasummaa cimsuufi miidhagina agarsiisuuf kan ooluudha. Kanamalees, (Misgaanuu, 2012:45) (Zalalem, 2003) eeruun faayidaa afwalaloo yoo ibsuu “Oral poetry is one of those modes of expressions, that help to externalize human feelings and imaginations, about dream, hope, thoughts, aspiration and ideas about gods, about nature, about beauty and other many things” jedha. Akka yaada armaan oliirraa hubachuun danda’amutti, afwalaloo gadi fageenyaan ilaalcha, yaada, hawwii, jaalalafi yaada waa’ee uumaa, uumama, midhaginafi wantoota biroo ibsuuf kan gargaaru ta’usaati. Akkasumas jiruufi jireenya hawaasaa keessatti wantoota jireenya keessatti nama mudatan, argachuufi dhabuu, gaariis ta’e yaraa haala miira nama tuquun dabarsuuf kan tajaajiludha.

Walumaagalatti akkuma yaada armaan olii irraa hubachuun danda'amutti afwalaloon yaada bal'aafi bilchaataa kan of keessaa qabu ta'ee, yaada ofii jechootaa filatamoofi miidhagina qabaniin kan ittiin ibsataniidha. Akkuma damee afoolaa biroos duudhaa, falaasama gaddaafi gammachuu, ilaalcha hawaasaa, amantii saba tokkoo jechoota filatamoon haala miidhaagina qabuun nuffii tokko malee ibsuu kan danda'u ta'uu isaati.

#### **2.1.3.4.7 Gosoota Afwalaloo**

Afwalaloon tajaajila inni hawaasa keessatti qaburratti hundaa'uun iddoowwan garaagaraatti qoodamu. Ulaagaaleen inni irratti hundaa'uun qoodamu kunis, kaayyoo, hurrubummaa, yoomessa isaafi walaloosaa irratti hundaa'ee haalumaa tajaajila hawaasaa kennuu irratti hundaa'uun qoodama. (Finnegan, 1977:241) fi (Barber,1997) akkuma Barber (1997:85) jedhu gosoota afwalaloo osoo wal keessa hinxaxamiin qulqulleessinee addaan qooduuf qorannoon bal'aafi gadi fageenya qabu barbaachisaadha. Afwalaloon Oromoo bakka addaa addaatti qoodamuu danda'a. (Andirizeeksi 1985:410:14) afwalaloo Oromoo kan yeroon daanga'aniifi kan yeroon hin daangofne jechuun bakka lamatti qooda. Afwalaloowwan yeroon hin daangofne walaloo jaalala, amantaa, ateetee, yoo ta'an, afwalaloon yeroon daanga'an immoo walaloo lolaa, faaruu boo'ichaa, goototaa akka ta'an tarreessa. Tafariin (2006) immoo Sumner (1996) eeruun bakka saddeetitti qoode jira. Isaaniis:

1. Walaloo Jaalala
2. Geerarsa
3. Walaloo Hojii (horii farsuufi qonnaa)
4. Walaloo Amantaa (kteetee, kadhannaa irreechaa)
5. Walaloo Ayyaanaa (cidhaa,gadaa)
6. Walaloo Fototoo (nama kan ittiin qeeqan)
7. Walaloo Mirrisaa(bakka barbaannetti miira gaddas ta'ee,gammachuu kanittiinibsan)
8. Uruursaaa Daa'iima (daa'ima sossobuuf)



Ammaaf xiyyeeffannoon qorannoo kanaas qabiyyee afwalaloo waltajjii hawaasummaa irratti rawwatamu ta'ee, qaaccessa qabiyyee eebba sirna raawwii fuudhaafi heeruma kadhaa irratti gaggeeffamu waan ta'eef kutaa itti aanu keessatti gadi fageenyaan ilaalla.

#### **2.1.3.4.8 Qabiyyee Afwalaloo**

Afwalaloon tokko akkuma walaloo barreeffama bifiiyyee qabiyyee (form and content) mataasaa qaba. (Finnegan,1970) qabiyyeen immoo dhaamsa namootaaf dabarsuu agarsiisa (Amaare,1998) (Stempel,III,1981:119) wabeeffachuun yommuu ibsu, Qaaccessi qabiyyee“Content analysis is a formal system for doing something that we all do informally rather frequently, drawing conclusion from observation of content ”jedha. Kana jechuunis qaaccessi qabiyyee wanta irra deddeebiin osoo hinta'in sirna alidileetiin hubannoowwan qabiyyee barreeffama tokkoo bifa addaa addaan yaada isaa guduunfani kaa'uudha. Wantootni qaaccessa qabiyyee gargaaran unkawwan wal qunnamtii (muuziqaa, fakkii, sochii qaamaa) ta'aniyyuu caalaatti xiyyeeffannoon wantoota barreeffaman irratti kennama, (Borgan and Gall,1979:30).

Ibsawwan armaan olii irraa qabiyyeen hiikkawwan addaa addaa wanta dubbatamuufi barreeffamuuf kenninu yoo ta'u, qaaccessi qabiyyee immoo bifa dubbiifi barreeffamaan wantoota mul'ataniif hiikaa kennuudha.Hayyoonni kanneen akka (Finnegan,1997:241), (Dorson,1972:66), (kpewho,1992:13)fi (Brown,1999:42) qabiyyee afwalaloo qaaccessuun ilaalchaafi falaasama hawaasichaa caalmaatti hubachuudha jedhu.Walumaagalatti qabiyyee afwalaloo qaaccessuun hafee afwalaloo tokko waa'ee, gadda, jaalala, jibbaa, mormii, deggeruu, qaanii, misooma agarsiisuu isaa adda baasuun nidanda'ama. Qorannoon kunis haaluma kanaan qabiyyee afwalaloo oromoo keessaa qaaccessa qabiyyee eebba sirna raawwii fuudhaafi heeruma kadhaa irratti rawwatamuu xiinxaluudha

#### **2.2 Sakatta'a Barruu Walfakkii**

Afwalaloo ilaalchisee mata duree garaagaraa irrattii qorannoon garaagaraa gaggeeffameera. Isaan keessa kan mata duree qorannoo kana waliin walitti dhufeenya qabaniifi qorannoo kanaaf bu'uura kan ta'an tokkotu akka fakkeenyatti kutaa kana jalatti ilaalama. Qorannoolee afwalalootiin dhiyaatan keessa tokko kitaaba (Asafaa 2004:45) qabiyyee walaloo Jaarsoo Waaqoo gama yaaxxina hawaasummaatiin

xiinxaleedha. Qabiyyeen walaloo kanaas uummata Oromoo sirna bulchiinsa koloneeffattoota Habasha waliin qabsoo gochaa ture kan muliisuudha. Ciminni isaa walaloowwan afaan Oromootiin erga dhiyeesee afaan Ingilizittii jijjiire ibsaa bal'aa kennaa deemusaati. Qorataan kunis afwalaloo Oromoo keessaa qaaccessa qabyyee eebba sirna raawwii fuudhaaf heeruma kadhaa irratti raawwatamu kan godiina Gujii lixaa aanaa Abbayyaa yaaxxina hawaasummaatiin dhiyeesseera.

### **2.3. Maalummaa Eebbaa**

Eebba jechauun kan waaqaati.Marga,bishaaniifi namaaf tolti.Akkasumas eebba jechuun nagaan jechuudha.Nagaa, nagaan waaqaa, Waaqaan kadhatan jechuun ibsa. (Masfiin, 1993:52) akka obbo Waariyoo rageeffachuun ibsutti, eebba jechuun waaqa kadhachuudha Jedha. Waaqammoo yoo kadhatan marga,bishaan,hormaata,bultuma, nagaan lafaafi roobaaf ni kadhatu jedha.Akka yaada kanaatti eebbi bultumaafi hormaataaf,jiruufi jireenyaaf,dhalaaafi dhalchaadha jechuun ibsa. Kanamalees, eebbi nagaan, nagaan waaqaa lafaa, abbaa, gadaa, qaalluu, qaallittiifi kallacha kormaa ittiin kadhataniidha jechuun ibsa.

Kanuma bu'ureeffachuun (Maammoo, 2009:38:40) akkaataa armaan gadiin ibseera. Eebbi waaqeffataan sirna tokko gochuun duratti hofkaltii waaqaa argachuudhaan kadhaa dhiyaatu jechuun ni dand'ama jedhee ibse. Akka amantii aadaa Oromooti sirna kamiyyuu adeemsisuun duratti ofkaltii waaqaa argachuudhaaf eebbaan jalqabuun wanta baratamaadha. Malkaafi tulluu dhaqee kadhaa jalqabuun duratti eebbi kan dursu ta'a. Walgahiin kamiyyuu yoo godhamu, seerri fuudhaafi heerumaa, akkasumas ayyaana addaa addaa kabajuudhaaf jalqaba ta'uu kan qabu eebbadha. Eebba jechauun kan waaqaati.Marga,bishaaniifi namaaf tolti. Akkasumas, eebba jechuun nagaan jechuudha. nagaan, nagaan waaqaa, waaqaan kadhatan jechuun ibse.

kun yoo godhamu,seerri fuudhaafi heerumaa, ayyaanni addaa addaa kabajamuudhaaf jalqaba ta'uu kan qabu eebba waaqaati. Eebbi manaafi alatti kan godhamu yoo ta'u, eebbi alaa malkaafi tulluutti yemmuu raawwatamu, eebbi manaa immoo galmaafi mana dhuunfaa keessatti kan raawwatamuudha. Eebbi gara biraatiin qaama tokkoof hawwii, nagaya, badhaadhinaafi fayyaan akka isa mudatu, maqaa waaqaa yookaan ayyaana haadhaafi abbaa isaa waamuudhaan ergaa dabarfamuudha. Fakkeenyaaf haatiifi

abbaan, ilmaafi intala isaanii haalli gaariin akka isaan mudatuuf kan eebbisan yoo ta’u, qaalluun, jaarsi, jaartiiniifi ayyaantuun nama tokkorraa qabee hanga sabaatti, maqaa waaqaafi ayyaana duudhaa isaaniitiin hiree gaariin akka isaan mudatu hawwiin dabarsan eebba ta’ee fudhatama. Eebbi haadhaafi abbaa waaqaffattoota Oromoo biratti bakka guddaa qaba. Nama haadhaafi abbaan eebbisan eenyumtuu salphumatti abaaree miidhuu hin danda’u. Kunis eebbi haadhaafi abbaa hangam barbaachisaa akka ta’e nu hubachiisa. Bakka garaagaraatti jechootni eebbaa garaagarummaa qabaatus ergaarratti wanti adda taasisu hinjiru. Oromoon seeraafi heera ittiin bulu qaba. Seera oromoon qabu keessaa eebbaafi abaarsi isa tokkoodha. Kan waan gaarii hojjete eebbisuufi kan balleesse abaaruu aaduma hawaasichaati. Kan waan gaarii hojjete, kan walfuudhe, kan uumaa kabaje, kan heeraafi seera biyyaa eege, kan maanguddoo kabajuufi kan kana fakkaatan raawwate oromoon ni eebbisa.

Maanguddootni Oromoo guyyaa gurbaa tokkoof intala gaafachuu dhaqanii eegalanii hammaa gaafa sirni fuudhaafi heerumaa raawwatutti wal eebbisu. Eebbi kun jaarsolii gara gurbaatti ergamanii dhufaniitiin jalqabama. Caalaatti gaafa dhaaba waliin dhaabbataniiti eegalee gara lachuutti eebbatu dhangala’a. Keessumattuu gaafa gurbaan intala naqachuu dhaqu eebbi guddaatiin jalqabu. Guyyaa kana haati intalaa erga warri soddaa dhufanii ta’anii booda buna qalaa jalqabu. Sababni isaas warri soddaa (gara gurbaa) bunaan eebbisu qabu waan ta’eef. Yeroo binni inni duraa dhaadatu yookaan xos xos jedhu, bunaan nuuf eebbisaa jedhanii karaa maanguddoota isaanii gorroo duubaan warra soddaatti dhaamsa ergu. (Asaffaa,2008:4). Yeroo kana warri gara gurbaatii dhufan akkas jechuun eebbisu.

Kuma horaa

Kuma bobbaasaa

Hamma ija bunaa horaa

Gabbayi dhufe

Saawwaaf namaa gabbadhaa

Hundeedhaa dhufe

Hundumaan isiniinii haatolu

Fiixeedhaa dhufe

Fiixumaan isinii haatolu  
Gaa'elli kun gaa'ela ilmaaa  
Gaa'ela intalaati  
Gaa'elli ilmaafi intalaa isiniif haatolu  
Gaa'illi ilmaafi kan intalaa isiniif haa qajeelu  
Qajeelaan fiixaan isiniif haa ba'u  
Itti ergaa fuusisaa taa'aa heerumsiisaa  
Barcumni keessan nuuf haa milkaa'u  
Miilli keenya isinii haa milkaa'u  
Fira wal hindhabne ta'aa.  
Warra wal abdatee wal hindhabsiisin jedhanii eebbisu.

Eebbi armaan oliitti ibsame kun eebba gaa'ilaati. Eebbi kun godinaalee oromiyaa keessaa kan naannoo Qellem Wallaggaatti eebbifamuu agarsiisa. Kitaabni kun qabiyyee eebba kanaa addaan baasee ibsee hinjiru. Matadureen qoratichaa immoo qaaccessa qabiyyee eebba sirna raawwii fuudhaaf heerumaa irratti kan xiyyeeffatu waan ta'eef garaagarummaa qaba. Garaagarummaan isaanii kitaabicharratti qabiyyeen eebba gaa'ilaa gargar ba'ee hinjiru. Qorannoo kana keessatti immoo qabiyyeetiin qoqqoodamaniiru.

Bara safuun eegamaa ture waaqeffataan, bakka dhaabatee eebbise irra dhaabatee hin abaaru. Bakka dhaabatee kakate irra dhaabatee waaqaaf hin wareegu. safuudha waanta'eef, Oromoon boroo irratti, karra irratti, ooyiruu keessatti, caffeetti, malkaatti, tulluu irratti, odaa jalattini eebbisa. (Dirribii, 2012:69). Akka aadaa waaqeffannaatti gaa'ila jechuun fuudhaafi heeruma ilma ga'eefi intala yookaan mucayyoo geesseeti. Bu'aan gaa'ilaa jireenya walgargaarsaa, walgammachiisuufi dandeettii itti fufiinsa sanyii namaati. Dhiiraaf dubartiin seeraan walfuudhanii akka jaalalaan waliin jiraatan waaqeffataan ni eebbisa. Yaadaafi qabeenyaan illee ni tumsa. Gaa'ila isaanii akka armaan gadiitti ni eebbisa. Misirroofis eebba waliin gorsa ni kenna. Jalqaba gaa'ila irratti haadhaafi abbaa yookaan namoota akka haadhaaf abbaatti fudhatamantu eebbisa. Eebbi gaa'ilaa kana aadaa waaqeffannaa yeroo sadii eebbifama. Tokkoffaan, yeoo gurbaa inni fuudhu manaa ba'u, lammaffaan, yeroo warri misirritii mucayyoo kennan dinqa haadhaafi abbaa ishee irratti guutuu qabachiisanii, margaafi biqila gudeeda misirrootaa irra ka'anii walfaana

warri mucayyoo eebbisu. Inni sadaffaan ammo yeroo misirroon lamaan mana abbaa misirrichaa ga'an, dinqa abbaafi haadha isaatti misirroota lamaan wal maddii teessisanii, gudeeda isaanii irra margaaf biqila ka'anii aannaniif booka itti biifanii akka armaan gadiitti eebbisu.

Hayyee ! Hayyee ! Hayyee !

Waaqa uumaa, waaqa uumamaa

Gaa'ila kana kan nagaa nuuf godhi

Gaaa'ila milkii nuuf godhi

Hayyee ! yaa waaq , hamaa nu baraari

Hayyee ! yaa waaq, nu ofkalchi

Gaa'ila kana kan nageenya fulla'aa godhi

Soddooma yaadame kana kan garlachuu walitti firoomu godhi

Hayyee ! yaa waaq ati gaa'ila kana gaaromsii, ati eegi

Misirroon waliin horaa, waliin jiraadhaa

Umurii dheeradhaa, walii wajjin turaa

Akkoof Akaakayyuu argaa

Aannan ta'aa wal qabbaneessaa

Daraaraa ta'aa walitti urga'aa

Damma ta'aa walitti mi'aawwaa

Garaa bal'adhaa walii obsaa

Hayyuu beekaa ta'aa orma gorsaa

Qabeenya horaa, ormaaf liqeessaa

Alaa manaa horaa

Sa'aa nama horaa

Hurrii ta'aa waaqa uwwisaa

Coqorsa ta'aa lafa uwwisaa

Handoodee korma ta'aa

Bonaa ganna lalisaa

Waleensuu korma ta'aa

Yaabbiif bu'a dhowwadhaa

Kan halkanii ilmoo, kan guyyaa horii isiniif haata'u

Hamaa isinirraa haa qabu,tolaa isinitti yaa qabu  
Akka coqorsaa lafa qabadhaa  
Akka qiltuu dagaagaa  
Akka ibidda halkanii gamaa gamanatti ifaa  
Fayyaa gadamsaa ta'aa  
Cimaa karkarroo ta'aa  
Surraadhaan leenca ta'aa  
Ari'aa dhaqqabaa dheessaa jalaa ba'aa  
Fayyaa bulaa,ilmaaf dubara horaa  
Walgargaaraa,wal tumsaa  
Waaqayyo jireenya keessan kan nagaa haa godhu  
Jireenya gaarii haa godhu jedhee eebbisa.(Dirribii,2012:86)

Eebbi kun godinaalee oromiyaa keessaa naannoo Tuulamaa irratti kan xiyyeeffate yemmuu ta'u,ciminnisaa eebba oromoo tuulamaa haalaan ibsee jira.Matadureen qoratichaa qaaccessa qabiyyee eebba sirna raawwii fuudhaaf heeruma kadhaarratti raawwwatamuu kan godiina gujii lixaa aanaa abbayyaa kan ibsuudha. Haaluma kanaan kitaabni kun guutummaa eebbaa irratti kan xiyyeeffatu yemmuu ta'u,matadureen qoratichaa immoo qaaccessa qabiyyee eebba fudhaaf heeruma kadhaa irratti xiyyeeffata.

Eebbi waan baayyeef eebbifama.keessumattuu eebbi sirna fuudhaaf heeruma irratti eebbifamu jireenya namaa keessatti faayidaa hedduu qaba. Kana jechuun sababa eebbichaan gaa'ila namaa, dhala namaa,qabeenya namaatu eebbifama. Eebbi kunis jireenya namaatti qabata.Kanamalees, milkaa'ina jireenyaatu isaan quunnama.Eebbi fuudhaaf heerumaa haala armaan gadiin dhiyaateera.

Qabattaniittuu,eeyyee qabanneerra  
Qabattanii nagaa qabadhaa  
Halkan abjuu qabadhaa  
Guyyaa yaada qabadhaa  
Jabbii many'ee qabadhaa  
Korma dal'uu qabadhaa  
Dhaltii gur'uu qabadhaa

Coqorsa ta'aa lafa qabadhaa  
Urjii ta'aa waaqa qabadhaa  
Aannaniif garaa ta'aa  
Muchaafi okolee ta'aa  
Faanaaf lafa ta'aa  
Dhadhaadhaaf mataa ta'aa  
Waleensuu korma ta'aa  
Bu'aaf yaabbii dhowwadhaa  
Handoodee garee ta'aa  
Bonaaf ganna lalisaa  
Ibicha ballee ta'aa  
Bonaaf ganna daraaraa  
Ibsaa gaararraa ta'aa  
Iddoo hundatti mul'adhaa  
Biiftuu ganamaa ta'aa  
Ol adeemaa guddadhaa  
Hinjigu walal ta'aa  
Hingoguu baaroo ta'aa  
Cirracha abbayyaa ta'aa  
Hammaartuun isin hinfixin  
Galaana abbayyaa ta'aa  
Waraabduun isin hinfixin  
Horii horaa  
Nama horaa  
Horaa keessa ta'aa  
Horii nama qabu horaa  
Nama qalbii qabu horaa  
Kan hortan keessa oolaa bulaa  
Bobbaaniif galli nagaa isinii haata'u  
Aadii furdaa uffadhaa  
Aadii furdaa cuffadhaa

Adii furdaa unadhaa  
Ilkaan baalciitiin nyaadhaa  
Harriin daashoo irratti isin haa harca’u  
Ilmaaf durba walirraa horaa  
Akka soogiddaa walitti mi’aawwaa  
Akka qumbii walitti urga’aa  
Afaan keessaniif garaan keessan tokko haata’u jedhani iebbisu.

(Fiixee,2013:204)

Eebbi armaan olitti dhiyaate kun ciminni isaa akkuma jirutti ta’ee garuu qabiyyee isaatiin adda ba’ee ibsamee hinjiru. Matadureen qorannoo kanaa immoo qaaccessa qabiyyee eebba fuudhaaf heerumaa kadhaa irratti xiyyeeffatuudha. Kanaaf mata dureen kuniif qorannoon kun garaagarummaa qaba.

Akka aadaa oromoototti kaadhimamtootni lamaan sirna naqataan booda itittuu wal unachiisu. Msirroowwan lamaanuu qabee itittuu qabatani dabaree dabaree wal unachiisan. Isheen isatti, inni isheetti gadi naqanii wal kofalchiisuuf waan carraaqaniif ofeeggannoo guddaa godhu. Caalaatti soddichatti itittuun gad nammuun yelloo yookaan qaani waan ta’eef ofeeggachuun barbaachisaadha. Kana booda sirni naqataa erga raawwatee warri intalaa, “nyaadhaa, dhugaa, dubbadhaa” jedhanii waan dhiyaatetti warra soddaa afeeru. Warri gara gurbaas, buna qalaa harka tokkottiifi dhugaatii guutuu qabatani kaadhimamtootaafi jaarsolii warra manaatiinis’ guutuu qabadhaa” jedhanii eebba eegalu. Eebba kana gara lachuutu nama sadi sadiitu eebbisa. Jaarsoliin sadanuu hammuma beekan eebbisu malee kan sadanuu walqixxee ta’uun dirqama miti. Jaarsoliin kunniinis haala armaan gadii kanaan eebbisu.

Qabattanii nagaan qabadhaa  
Waatii many’ee qabadhaa  
Halkan abjuu qabadhaa  
Guyyaa yaada qabadhaa  
Horaa, hormaatatti eebba ta’aa  
Budaatti hirmii ta’aa  
Aannaniif garaa ta’aa



Faanaaf lafa ta'aa  
Karaa soddaan adeeme  
Eessumaaf durbiin haa adeemu  
Hurrii ta'aa lafa qabadhaa  
Waleensuu korma ta'aa  
Bu'aaf yaabbii dhowwadhaa  
Handoodee garee ta'aa  
Gannaaf bona lalisaa  
Kan adeeme isiniif haagalu  
Kan maseene isiniif haadhalu  
Kan rafe isiniif haadammaqu  
Keessan ergadhaa  
Keessan elmadhaa  
Keessan yaafadhaa  
Keessan raafadhaa  
Aadii cuuphadhaa  
Aadii uffadhaa  
Walawalaan hiddii fardi irra ejjrte haa ta'u  
Kan hamaa keessan dubbatu hammallee haa dadhabu  
Kan naggaa keessan dubbatu haa danda'u  
Intalli kan beektuuf kan deessuu haa taatu  
Amala nutti haa baatu  
Bifa isinitti haa baatu  
Ammayyuu horaa  
Kan hortan keessa oolaa bulaa  
Akka bookaa walitti mi'aawwaa  
Akka aannanii wal qabbaneessaa  
Nama horaa  
Fira horaa  
Afaan keessaniif garaan keessan tokko haata'u jechuun wal harkaa  
fuudhanii eebbisu (Asaffaa, 2016:6).

Aadaa Oromoo keessatti nama waldhabe walitti araarsuun waan baratameedha.Kana jechuun inni balleesses badii ofii isaa beekke isa itti balleese dhiifama gaafata.Sirni araaraa kanarrattis maanguddootni akkaataa armaan gadiin ebbisu.

Kan nagaan nu oolche  
Nagaan nu haa bulchu  
Bakkalchi bakkee ha ata'u  
Biyya nagaan haata'u  
Gabaa quufaa haa godhu  
Soree nuuf haa roobu  
Kan rooba keessa jibban  
Nuu haa baasu  
Birraan nagaan nuuf haacaamu  
Yaa waaq salgan booranaa  
Kan adeeme nagaan haa galu  
Kan maseene haadhalu  
Gurbaa raageef araara buusi  
Durba qarreef araara buusi  
Xixiqqaa nuuf guddisi  
Kormi cirri haa ta'u  
Rimaan happee haa ta'u  
Yaa waaqa tokkichaa  
Kan dhalate guddisi  
Kan guddate mul'isi  
Sa'aaf araara buusi  
Biyyaaf araara buusi  
Kan wallole wal haa jaallatu  
Afaan nagaan nu dubbachiisi  
Garaa keenyaaf afaan keenya tokko nuuf godhi  
  
Walitti nu jaalladhu jedhanii ebbisu. (Dammituu,2003:272)

Afwalaloon eebbaa kitaba armaan oliirratti dhiyaate kun qabiyyeetiin addaan qoodee hin jiru. Qorannoon kun garuu qaaccessa qabiyyee eebba sirna raawwii fuudhaaf heeruma kadhaa irratti raawwatamu qaaccessuu waan ta'eef kitaaba kana waliin garaagarummaa qaba.

## **Boqonnaa Sadii: Mala Qorannoo**

Mata duree kana jalatti, gosa qorannichaa, madda ragaa qorannichaa, mala filannoo iddattoo, mala odeeffannoon ittiin funaaname, mala odeeffannoon ittiin ibsameetu duraa duubaan dhiyaate.

### **3.1 Gosa Qorannichaa**

Kanaan dura akkuma agarsiisuuf yaalametti mata dureen qorannoo kanaa qaaccessaa qabiyyee eebba sirna raawwii fuudhaafi heeruma kadhaa ilaallata. Kanaraa kan ka'e, qorannoon kun gosa qorannoo qulqulleeffataa (qualitative research) jalatti kan rammadamu ta'et argama. Gosti qorannoo kun aadaa hawaasa tokkoo irratti qorannoo gaggeessuun muuxannoo, ilaalcha, haala aadaa hawaasa tokkoo adda baafachuuf mijaataa akka ta'e (Addunyaa, 2011:67) fi (Dastaa, 2002:102) ni ibsu.

### **3.2 Madda Ragaalee Qorannichaa**

Maddi ragaalee qorannichaa madda ragaa tokkoffaafi lammaffaadha. Innis namoota dhimma eebbaa irratti muuxannoo gahaa qaban keessaa manguddoota yookaan jaarsolii eebba sirna raawwii fuudhaafi heeruma kadhatanii fuudhuu irratti hirmaataniifi dokimentii barreeffamaan jiran sakatta'amaniiru. Kunis, yoomessaa dhugaa keessatti iddoo cidhaafi eebbi jiru deemuun daawwachuun odeeffannoo walitti qabamuudha. Qorannoo kana keessatti afwalaloowwan eebbaa irraa argame hammatameera.

### **3.3 Mala Filannoo Iddattoo**

Qorannoon kun hawaasa aanaa Abbayyaa keessaa jiraatan irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, namoonni hundi muuxannoo, beekumsaafi fedhii isaanii wal qixa ta'uu dhiisuu mala. Kanaaf warra odeeffannoo barbaachisuu kennuu danda'an filachuun barbaachisaadha. (Dastaa, 2002:102), (Trochim, 2006) wabeeffachuudhaan yoo ibsu. "Sampling is the process of selecting units (e.g. people, organizations) from a population of interest so that by studying the sample we may fairly generalize our results back to the population from which they were chosen. Akka yaada kanatti iddattoo filachuun adeemsa uummata yookaan hawaasa tokko keessaa odeeffannoo argachuudhaaf namoota yookaan qaamota hawaasa sanaa fudhatanii itti gargaaramuudha.

*The issue of sampling emerges at different points in the research process. An interview study is connected to the decision about which person to interview (case sampling) furthermore, it emerges with the decision about which of the interview should be further treated. i.e. transcribed, and interpreted (material sampling). Finally it arises when presenting the findings; which cases or part of text are best to demonstrate the finding (presentation sampling). (Flick, 2002:61)*

Akka yaada kanaatti qorannoon yommuu gaggeeffamu iddatoo namoota afgaaffiif dhiyaatan ittiin filaachuuf qofa kan itti fayyadamnu osoo hintaane bakka saditti gargaaramu. Jalqaba namoota odeeffannoo kennuu danda'antu, achis wayita odeeffannoo funaaname hiikamuufi qaaceffamu itti fayyadamna. Gabaabumatti qorataan namoota muuxannoo, beekumsafi fedhii qaban kaayyoo qorannoo irratti hunda'ee mala ittiin filatuudha. Yaada kanarraa ka'uudhaan dawwannaaf manguddoota yookaan jaarsolii eebba sirna raawwii fuudhaafi heerumaa kadhaa irratti hirmaatan keessaa nama kudhan(10) mala iddatteessaa kaayyeffataan (purposive sampling) tiin afgaaffiif filatamaniiru. Malli biraa qorannoo kana keessatti iddatoo filachuuf oolu mala iddatteessuu iyyaafannoo (snowball sampling) yoo ta'u waa'ee mala kanaas (Aaddunyaa, 2011:67) Denscombe (2007) eeruun yoo ibsuu, "with snowballing the sample emerges through a process of reference from one person to the next" jedha. Yaada kanarraa ka'uudhaan namoota naannoo iddoo sirni fuudhaaf heerumni kadhaa jirutti akka naaf eeran gaafachuun waltajjii cidhaa tokko mala iyyaaffannoon filatamaniiru. Iddattoo filaachuun kan barbaachiseef immoo odeeffannoo gahaa argachuuf yaadameti.

### **3.4 Malleen Odeeffannoon Ittiin Funaaname**

Malleen odeeffannoon ittiin funaanamu hedduun jiru. Qorannoo qulqulleeffata gaggeessuuf ragaalee funaanuuf malleen addaa addaatti dhimma bahuun ni danda'ama. Malleen odeeffannoo qorannoo qulqulleeffataa geggeessuf oolan ilaalchisee (Addunyaa, 2011:16), Mala odeeffannoo ittiin funaanamu keessaa afgaaffii, daawwannaa, sakatta'a dokimentii fayyadamuun akka danda'amu ibseera. Yaada kana irraa ka'uudhaan qorannoo kana keessatti odeeffannoo funaanuuf daawwannaa fi afgaaffitti akkasumas sakatta'a dokimentiitti fayyadameera.

### **3.4.1 Daawwannaa**

Malli qorannoo kanaaf odeeffannoon ittiin funaaname keessaa tokko daawwannaadha. Qorataan mala kanatti fayyadamuun iddoo fuudhaaf heerumni kadhaa jirutti argamuun afoollewwan eebbaa fayyadaman yoomessaa dhugaa keessatti duudhaa hawaasa tokko gadi fageenyaan hubachuufi xiinxaluuf qoratichi daawwannaa fayyadamee jira.

### **3.4.2 Afgaaffii**

Malli biraa qorannoo kanaaf odeeffannoon ittiin funaaname afgaaffiidha. Malli kun ragaa daawwannaan argamuu hin dandeenye akkasumas, ragaa qabatama funaanuuf kan gargaaru waan ta'eef kan filatameedha. Kunis qorataaniifi odeeffannoo kennaan fuulleetti wal arguun odeeffannoo waan waliif kennaniif qorataan gaaffii isaa sirritti akka ifa godhuuf odeeffannoo gaafachuu kan danda'uudha. Faayidaa afgaaffiirraa argamu kanaas, (Wallace, 1948:116) akka armaan gadii kanatti ibsa. *"The important of interview questions to the interviewee a head of the interview contributor a lot for both the researcher and the interviewee, if the interviewee knows what questions they are going to be asked, they become more related and provided fuller, more formative answer."* Qorataan kana bu'uura godhachuudhaan, yaada odeeffannoo kennitoonni kennan irratti hundaa'ee gaaffiilee biroo gaafatee yaada dabalataa argaatee odeeffannoo funaannateera. Haala namoonni odeeffannoo kennaan sun keessa jiran irratti hunda'uunis gaaffilee foyyeessuufi yaada isaanii irratti hundaa'uun gaaffilee kaasee gaafatee odeeffannoo bal'aa argachuu danda'eera. Kanaafuu malli kun qorannoo kanaf mala filaatamadha.

### **3.4.3 Dokimentii xiinxaluu**

Meeshaaleen funaansa ragaa inni sadaffaan immoo dokimentii xiinxaluudha. Kunis dokimentii barreeffamaan jiru tti fayyadamuun yookaan sakatta'uun dhimma itti ba'eera. Askeessatti waa'ee fuudhaaf heeruma oromoo gujii aanaa abbayyaa ilaalchisee dokimentii barreeffamaan jirutti qoratichi dhimma ba'eera. Kunis akka madda ragaa lammaffaatti qoraticha tajaajileera.

### **3.5 Mala Odeeffannoon Ittiin Ibsame**

Qorannoon qulqulleeffataa keessatti odeeffannoon argame lakkoofsan osoo hin ta'in jechootaan kan ibsameedha. Kanaaf ragaalee daawwannaa, afgaaffiifi dokimentii irraa argame mala qorannoo addeessaa keessaa tokko kan ta'e mala qoranno ibsaatti fayyadamuun jechootaan ni ibsamu. Waa'ee mala qorannoo ibsaa ilaalchisee, (Asafaa, 2004:46) yoo ibsuu,malli kun afwalaloon akkamitti waa'ee waan tokko ibsuu akka danda'u kan ilaaluudha. Yaada kanarraa ka'uudhaan odeeffannoo bifa garaagaraatiin walitti qabame gara barreeffamaatti jijjiiruun qindaa'ee duraa duubaan dhiyaateera. Qaaccessi qabiyyee eebba sirna raawwii fuudhaaf heeruma kadhaa irratti raawwatamuu raawwii isaa irratti hundaa'uun qabiyyeetti qoqqoodamuun dhiyaateera.

## **Boqonnaa Afur: Qaaccessa Qabiyyee Eebba Sirna Raawwii Fuudhaaf Heeruma Kadhaa Irratti Raawwatamu**

Boqonnaa kana keessatti qaaccessa ragaalee maddawwan garaagaraa irraa mala funaansa ragaa boqonnaa sadii jalatti ibsamaniin funaanamantu dhiyaate. Isaanis odeeffaannoo mala daawwannaa, afgaaffiifi dokimentii xiinxaluun walitti qabaman yoo ta'an, haala qabatamaa keessatti dhiyataaniifi qabiyyee isaanii irraatti hunda'uun qaaceffamanii dhiyaataniiru. Qaaccessi qabiyyee afwalaloo waltajjii irratti dhiyaatan mala daawwannaa, afgaaffiifi dokimentiin argame wal deggeruun kutaa dhumaa tokko jalatti raawwataman. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa qaaccessa qabiyyee eebba sirna raawwii fuudhaafi heeruma kadhaa irratti raawwatamu waan ta'eef duraa duubaan akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

### **4.1 Sirna Fuudhaafi Heeruma Oromoo Gujii Aanaa Abbayyaa**

Sirna fuudhaaf heerumaa oromoo Gujii aanaa Abbayyaa shanan kana keessaa kadhaan isa tokko yoo ta'u, aadaan kadhatanii fuudhuu kun Oromoo Gujii aanaa Abbayyaa biratti kabajaafi iddoo guddaa kan qabuudhu. Aadaan kadhatanii fuudhuu kun ilmi tokko fuudhaaf yoo ga'e, maatiin mucaa yookaan gurbaa otoo ilmi isaanii hin beekin mari'atanii ofiif, maatii intalaafi intala erga jaallatanii booda, guyyaa tokko ilma isaaniitiin intala abaluu siif jaallanneerra sii kadhanna, ati yaada akkamii qabdaa ? jedhaniifi gaafatu. Gurbaanis fedhii intalaa osoo qabaachuudhaa baatellee dhiibbaa maatii irra darbuu waan hin dandeenyeef yookaan kan maatiin jaallate ilmi diduun waan hin dandanda'amneef, gurbaanis tole jedha. Kanaan booda guyyaa gurbaan tole jedhee jalqabaniifi maatiin gurbaa faroo yookaan milkii caqasuu jalqabu. Kana booda faroon yookaan milkiin gaarii yoo taate, guyyaa muraasa booda maatiin gurbaa nama tokko gara warra intalaa erga. Namni gara warra intalaa ergamu sunis nama fuudhee haadha manaa qabu, kan haati manaa jalaa hin duune ta'uu qaba malee callisanii nama argan hin ergan. kana jechuun karaa hundumaan qixa yookaan guutuu ta'e ergan jechuudha. Namni ergan kunis guyyaa isaan ergan ganamaan ka'ee gara warra maatii intalaa deemuuf dursee guyyaa maatiin mana jiraatan olla warra sanii irraan gaafatee qulqulleeffata. Erga gaafatee guyyaa maatiin intalaa mana jiraatan beekkeen duuba, guyyaa tokko ganamaan ka'ee gara maatii intalaa deema. Erga achi



ga'ee booda warra manaa bultanii jedha. warri manaas bullee bultanii isin, seenaa jedhu. Kana booda namtichis mana seenee yeroo muraasa erga taa'een booda, warrana isin biran dhufe jedhee hima. Isaanis maarree nu gaaffu dhuftee jedhanii gaafatu. Innis nagaafuu dhufe namatu isinitti na ergate, guyyaa akkasii keessummaan mana keessan waan dhufaniif manatti akka eegdan na erginaan dhufe jedha. Maatiin intalaas tole jedhu. Namichis erga nyaatee uneen booda ka'ee gala qajeela.

Akkuma saniin odoo mana ofiitti hin galin gara maatii warra gurbaa deemee, ergaa keessan dhaqeen jira dansa yookaan tole jedhaniiru jedhee hima. Achiin erga haasa'anii fixanii booda ka'ee gara manasaatti gala. Gaafa guyyaa beellamaa abbaan gurbaa ganamaan lafaa ka'ee waaqa kadhatee jaarolee yookaan jaarsolii keessaa nama tokko qabatee gara maatii warra intalaa deema. Yeroo deeman faroo ilaallataa deemu. Milkiin yoo dansa taate nama bishaan waraabbatee guutuu baatee galu, akkasumas nama haati manaa jalaa hinduune, dubartii yoo taate kan abbaan manaa jalaa hin duune yoo ta'eef milkiin gaaridha. Milkii gaarii kan hin taane immoo akka tasaa ta'ee kurupheen yookaan buddanneen yoo namoottan kadhaa deeman sana gidduu baateefi dhiiras ta'u dubartii okkotee godduu bishaan hinqabne baatee/baattee deemu/deemtu yoo argan faroo dansaa miti jedhama. Milkii kana ilaallataa erga mana warra intalaa bira gahaniin sagalee ciratu yookaan qaratu. Achiin booda warra manaa bultanii yoo isaan jedhan, warri manaas qophaa'anii eegaa jiran waan ta'aniif bullee seenaa jedhu. Seenanii daqiiqaa muraasa erga taa'anii booda, hiddoomaaf haalcheen dhufe, isin jaalladheen isin bira dhufe jedhee dubbata.

Yenna kana nyaatee dhugeen booda, kaaya naa ilaali jedhee, innis kaaya yookaan milkii ilaallataa ka'ee gala. Guyyaa kana jalqabani maatiin intalaafi gurbaa milkii ilaallatan. Maatiin intalaafi gurbaas faroo ilaalanii, faroon yoo dansaa hin taane walitti himanii gargar bahan. Yeroo addaan bahan kanas karaa nagaatiin gargar bahu. Yoo kaayi dansaa ta'e ammoo hamma yeroon fuudhaafi heerumaa ga'utti itti fufa. Abbaan gurbaas erga faroon dansaa taateen deebi'ee dhaqee kaayi naa kenneera, faroon naa kenniteetti waan ta'eef intalti tiyya, ilmi keeti intala naa kenni jedhee gaafata. Abbaan intalaas kaayi sii kenne, si hin miliksu garuu anillee warra qaba, fira qaba, mari'adheen siif deebisa jedhee beellama qabaaf. Erga yeroo muraasa bubbulanii booda,

guyyaan beellamaa gaafa gahu abbaan ilmaa maanguddoota nama afur hincaalle qabatee gara maatii warra intalaa deema. Ammas gaafa deeman milkii ilaallataa deeman. Erga achi ga'anii xiqqoo ishee foorfatani yookaan boqotanii booda akkas jedha abbaan gurbaa, guyyaa isin naaf beellamtan harra taanaan dhufne, kaaya ilaallataa dhufne, faroon dansaa intala tiyya naa kenni jedhee gaafata. Abbaan intalaas maanguddo dhagahaa jirtanuu ? maanguddoonis dhagahaa jirra jedhanii deebisaniif.

Kanaan booda abbaan intalaa anillee kaaya ilaaleera kaayi sii kenneera jedhee faroon intala isaa warra kanaaf kennuu hubateen booda maanguddoo biratti waliigalanii, ka'anii duuba guyyaa cidhaa yookaan jilaa waliif beellamanii nyaatanii, dhuganii, nagaatti oolaa bulaa jedhanii walbiraa galan. Milkiin abbaa gurbaa biratti gaarii yoota'e,abbaa intalaa birattis gaarii ta'a malee faallaa hinta'u. Tokko biratti dansaa ta'ee tokko biratti immoo hamaa hinta'u jechuudha. Milkiin kunis dansaa ta'aa erga deemeen waliif galanii booda guyyaa buna nyaatan waliif beellaman.Guyyaan kun guyyaa handhuursaa yookaan buna nyaataa jedhama. Guyyaa beellamaa kana abbaan gurbaa ganama lafaa ka'ee waaqa kadhatee, jaarsolii qabatee dhaqa. Guyyaa kana abbaan intalaas firaaf olla waamanii qophaa'anii otoo eeganii dhufan. Mana seenanii haasaa yookaan dubbii jalqabani haasa'aa otoo jirani buna qaleen dhihaata. Abbaan intalaa buna qalee otoo hin nyaatin dura maanguddo dhagahaa jedhee intala kiyya miillakee jala bulfadhu jedhaan. Hiikaan isaas dhihootti osoo isiin bultii hin baratin mana addatti hin baasin, akkuma ilmookeetti ilaali jechuudha

Amala intala ofiillee himee yoo mufii qabaatte mufii qaddii danda'i, hojii barsiifadhu jedhee hima. Kanaan booda buna dhiyaate kana haati intalaa, buna dursitee cabsiteen booda abbaa intalaatti kenniti. Abbaan intalaa nyaatee maatii intalaa waliin gahanii booda haadha Intalaatti deebisan. Haati intalaa guuttee deebistee fiddee abbaa mucaatti kenniti. Abbaan mucaas ofiif nyaatee maanguddoo waliin jirutti kenna. Maanguddoonis nyaatanii deebisani abbaa gurbaatti kennu. Abbaan gurbaas intala as dabarsaa dhuttee buna haa nyaattuu jedha. Abbaan ishiis intala ofii waamee kottuu buna nyaadhu jedhaan. Isheenis dhuftee abbaa mucaa irraa buna mooqaa yookaan fal'anaan nyaatti. Harkatti hin fudhattu. sababnisaa hanga heerumtutti yookaan hanga bantii qabdutti buna harkatti fudhachuun hin danda'amu. Buna nyaatee kaateen booda eebbisani

maanguddoonis qorii bunaa galchan. Intalas guyyaa sana handhuursanii guyyaa cidhaa qabani walii beellamanii nagaatti jedhanii ka'anii galu. Guyyaa kanaa jalqabani maatiin gurbaafi intalaa firooman yookaan soddooman jedhama. Kanamalees wal yooyyifatu, yoo dhukkubsatan dhaqanii walgaafatu. haaluma kanaan hanga guyyaan cidhaa ga'utti maatiin gama lamaanuutiin qophiin ni taasisu.

Dabalataanis guyyaan fuudhaa ga'uuf baatiin yommuu hafu maatiin gurbaa, mucaa isaanii manatti deebisanii nyaata gaarii nyaachisan. Akkasuma maatiin intalaallee, mucayyoo isaanii manatti deebisuun nyaata nyaachisu yookaan wallaanu. Kanaan booda guyyaa fuudhaaf torban tokko yemmuu hafu gara mana maatii warra intalaatti dargaggoonniifi shamarran galgala galgala waamicha tokko malee dhaqanii sirba sirbu. Sirbi kunis waarii jedhama. Gaafa guyyaan fuudhaa gahu warri intalaas ta'e warri gurbaa firaafi namoottan itti dhiyaatan guyyaa sana akka dhufan ni waaman. Guyyaa kana mucaan hiriyoota isaa manatti waammatee abbaafi haati, maanguddoonni biyyaa yookaan jaarsoliin ni eebbisu. Eebbi kunis akka armaan gadiitti dhiyaatee jira



**Suuraa 1: Eebba Fuudha Duraa**

## 4.2 Eebba Fuudhaafi Heerumaa

### 4.2.1 Eebba Fuudha Duraa

Sirna fuudhaaf heerumaa kana irratti haala armaan gadii kanaan eebbisu. Dubbiin eebbaan taati, midhaan nyaatan illee eebbaan taati. Eebbi waa hunda dursiti. Kanaaf eebbi kun kan hawaasni tokko dhala yookaan ijoolleensaa wanti gaariin akka isa dhaqqabuuf waaqa kadhatuudha. Waaqa abbaa kiyyaa, waaqa haadha kiyyaa ati nuuf dhaga'i, yoo ilmi abbaa tole, yoo intalti haadha tolte, eebbi ni raawwatama jedhanii erga haasaa baniinsaa godhanii, mijuuu fuula isaanii dura guutee jiru irraa osoo hin unin yookaan hin dhugin eebbba fudhatu. Eebbi kunis haala armaan gadiin dhiyaateera.

Ee ati waaqi Ardaa	
Waaqi Abbaa	
Kan Me'ee Bokkoo	
Kan Dibbee Dhugoo	
Kan Garba Aannoo	
Waaqi Gujii Gurraachaa ati nuuf dhaga'i	dhaga'i
Dhageettu nuuf owwaadhu	owwaadhu
Tan olii olitti nuu hanqisi	hanqisi
Tan gadii gaditti nuu hanqisi	hanqisi
Tan dallaa lamaanii achumatti nuu hanqisi	hanqisi
Barri nagayaa	nagaya
Bariin nagayaa	nagaya
Jaarsi nagayaa	nagaya
Jaartiin nagayaa	nagaya
Ilmi nagayaa	nagaya
Intalti nagayaa	nagaya
Kan fuudhu nagayaa	nagaya
Tan heerumtu nagayaa	nagaya
Karaan ba'aaf gala si nagayaa	nagaya
Gufuuf qoreen hobba'i	hobba'i
Hamaa si duraa haa qabu	haa qabu

Karaa nagaa deemaa	nagaa
Dhaqaaf gala ofkalaa	ofkalaa
Gufuun isin hin dhahin	hin dhahin
Dhaqaaf galli nagaa isinif haa ta'u	haa ta'u
Gufuun burkutuu haa ta'u	haa ta'u
Boolli didibbee haa ta'u	haa ta'u
Karaan dugda handaaqqoo isinii haa ta'u	haa ta'u
Kaayoon dhaqii kaayoon gali.	

Hamtuun isi hin argin jedhanii eebbisu. Obbo Ayyaanoo Halakee  
(caamsaa 22/9/2009)

Hiikni eebbawwan armaan olitti ibsamani kunnii akkaataa armaan gaditti qaaceffamaniiru. Ati waaqa ardaa jechuun waaqa ardii yookaan lafa amma kana ga'u uumtee ati nuuf dhaga'i jechuudha. Waaqa abbaa jechuun immoo waaqaa abbaa nama hundumaa ta'e yemmuu ta'u, Waaqi gujii gurraachaa yemmuu jedhan immoo, gujiinis gurraacha akkuma ta'e waaqnis gurraacha, gurraacha garaa garbaa jedhanii ibsu. Aadaa Oromoo keessatti gurraachi waaqa, garraamiifi gaarummaa waantokkootti fakkeeffama. Kanaaf gujiin gaafa waaqa kadhata waaqa gujii gurraachaa ati nuuf dhaga'i jedhee waaqa uumaasaa kadhata. Kun immoo amala gaarummaa waantokkoo agarsiisa jechuudha. Kan me'ee bakkoo gaafa jedhan immoo, bakka wal harkaa fuudhiinsi aangoo abbootii gadaa oromoo gujii bakka kanatti waan ta'eef, kanamalees, bakka ardaa jilaa waan ta'eef maqaa sana dhahuun waaqa kadhata. Kanaaf maqaa waaqaa dhahuun uumaasani kadhachuun eebbisu.

Erga eebbisani, nyaatani dhugani ka'aniin booda, nama tokko nama yeroo intala fudhatanii qalan nama farda irratti ishee qabu, nama baayyee itti dhiyaatu addaan baasu. Namni kunis huddeellaa jedhama. Kanaan booda farda isaanii yaabani, kan intala yaabsisanis fidanii qopheessanii ka'an. Gara mana warra intalaa yemmuu ga'an mana hinseenan. Ala balbala dura ta'anii, abba yooyyaa, aadda yooyyaa, Intalti geettee, Yeroon geettee, intala kennaa yookaan baasaa jedhaa sirbu. Sirbi yookaan taphni guyyaa sanii gara warra intalaatti taphatama. Sirbi kunis tissoolee jedhamuun beekama. Otoo isaan sirbaa jirani maatiin intalaa, intala dhadhaa dibanii balbala dura baasani kennuuf. Dargaggootnis intala fudhatanii farda yaabsisanii, ofiifis yaabbatanii fudhatanii

deemu.Erga mana warra gurbaa ga'anii farda irraa bu'anii misirroos abbaaranii yookaan hammatanii farda irraa buusanii sirbaa karaa karaatti seenanii mooraa yookaan moonaa horii seenteen booda horii eegee qabatti.Horiin eegee qabatte sunis sa'a yookaan goromsa ta'uu qaba.Horiin eegee qabatee mana seente kan ishiiti.Namni ishii falmu hin jiru.



## **Suuraa 2: Eebba Fuudha Boodaa**

### **4.2.2. Eebba Fuudha Boodaa**

Sirna kanarratti gurbaan intala fudhatee galee erga nyaatanii dhuganii booda, meeshaan itti nyaataniif dhugan osoo hin kaafamin bakkuma ta'aa jiranitti jaarsoliin ni eebbisu. sirni eebbaa kunis haala armaan gadiitiin dhiyaateera.

Horaa dagaagaa

Lataa miidhagaa

Bulaa oolaa

Lubbuu bulaa

Waliin jiraadhaa.  
Garaaf dugdatti baadhaa  
Ilmaan abbaarradhaa/hammadhaa  
Ilmaaf intala suunqadhaa  
Hortee dansaa horaa  
Horaa immeeqaa/lafa guutaa  
Biyyaaf biyyeef ta'aa  
Lafa dhaalaa bacadhaa  
Afaan walii dhaga'aa  
Gara deemtanitti miidhagaa  
Gara teessanitti miidhagaa  
Hurrii ta'aa waaqa uffisaa  
Akka mataaf dhadhaa walii ta'aa  
Akka garaaf aannanii walii ta'aa  
Walitti isin haa jaallatu  
Abbaaf haadha beekaa  
Kan nyaattaniif dhugdan hindhabinaa  
Gurbaa akka nuti bulletti buli  
Akka warri bule buli  
Intalaa akka warri oole ooli  
Akka warri bule buli  
Intalti kan ejrsa qoraafattu,kan hameessa elmattu haataatu jedhanii  
eebbisu(Obbo Zallaqee Hooxxeessaa caamsaa 23/09/2009)

Walumaa galatti qaaccessi eebba kanaa horaa baayyadhaa jedhanii marga jiidhaa harkatti yookaan coqorsa harkatti qabatani eebbisu. Hiikni coqorsa kanaas akka marga kanaa gannaaf bona lalisaa, lafa dhaalaa, lafa qabadhaa, baayyadhaa jechuudha. Kanaaf maan guddootni gaafa eebbisan marga kana harkatti qabachuun eebbisu. Kanamalees, waljaalladhaa, tokkummaa argadhaa jedhanii eebbisu.

Akka aadaa Gujiiti intala tokko fuudhanii galaniin booda sirna sadiitu gaggeeffama Isaanis:sirna quttoo hiikuu, sirna maqaa baasuufi sirna maqaa ballisuutu geggeeffama.

### **4.3 Sirna Fuudha Boodaa**

#### **4.3.1 Sirna Quttoo Hiikuu**

Akka aadaa Gujiitti quttoo hiikuu jechuun shamarri hin heerumne bantiittii faaya mataatti kaawwattu ni qabdi. Faayi kunis quttoo jedhamee beekama. Quttoon hiikamu kunis bulanii erga lafti bari'een booda ganama lafaa ka'anii quttoo hiikan. Quttoo kana kan intala irraa hiikus gurbaa intala fuudheedha. Haalli adeemsa quttoo hiikuu akkaataa armaan gadiin dhiyaateera. Ganama lafaa ka'anii maatiin gurbaafi firri hundi baldhinatti bahanii, haadha gurbaatiin intala boroon gara baldhinaatti ergi jedhu. Intalaafi gurbaanis boroon gara baldhinaatti bahanii teessoo ka'ameef irra taa'u. Intalti fuuldura gurbaa ishii fuudhee teetti. Ergasii gurbaan ishee fuudhe quttoo irraa hiikuu jalqaba. Yeroo quttoon hiikamu horiin kennama. Horiin yookaan loon kenname malee quttoo hiikuun hindanda'amu. Garuu qabeenya maatiin gurbaa qaban irratti hundaa'a. Walumaagalatti quttoon akkaataa kanaan hiikama.

#### **4.3.2 Sirna Maqaa Haaraa Baasuu**

Quttoon erga hiikamee booda sirna maqaa haaraa baasuutu adeemsifama. Yemmuu maqaa baasanis haala yookaan milkii yeroo sanii irratti hundaa'uun maqaa baasu. Mucaan fuudhe hangafa yoo ta'e soorettiitt baasan. Guyyaa fuudhaa sana yoo bokkaan roobe haadha roobee baasan yookaan immoo haadha galmaa, haadha oadaa, haadha qilxuu jedhanii baasu. Haadha galmaa jechuun haadha nama hundaa ta'i yookaan akka galmaatti waan hundumaa hammadhuu qabadhu jechuudha. Haadha oadaa jechuun immoo Odaan aadaa oromoo keessatti muka kabaja qabu waan ta'eef nama kabajamtuu yookaan immoo beekamtuu ta'i, barqaaqi, dameen kee kallattii hundaatti haa dheeratu, bacadhu jechuudha.

#### **4.3.3 Sirna Maqaa Bal'isuu**

Akka aadaa oromoo Gujiitti intala heerumte tokko maqaa erga baasaniin duuba nama maqaan ballifamuu qabu maqaa ballisiisu. Maqaa ballisuu jechuun kabaja irraan kan ka'e, maqaa abbaa gurbaafi haadha gurbaa akkasumas, obboleeyyan abbaasaafi haadhotii obboleeyyan abbaa hunda akka maqaa hin waamne dhorkuu yookaan dhogguu jechuudha. Kun immoo dirqamaan otoo hintaane fedhaan yookaan akkaataa kanaan dura bulaa turan waan ta'eef, intalti heerumtes ballisuu feeti. Warri fuusifates akka haati



manaa ilma isaanii maqaa isaanii akka ballistu barbaadan, haalli adeemsa maqaa ballisuu akka armaan gadiitti ibsameera. Yeroo maqaa ballisan iddoo misirtoon teettee jirtu kanatti dubara tokko waamanii bira teessisanii, aannan mi'ii okoleen qabattee bira teetti. Maqaa namoottan ballifamuu qabaniin aannan kurreen yookaan qadaaddii okoleetti buusaa fixxiisaa abaluun maqaa hin waamin balliisi jedhu. Walumaagalatti sirni fuudhaafi heeruma kadhaa bifa kanaan raawwatama.

Madda- Barreeffamaan aadaafi tuurizimii aanaa

Abbayyaa irraa argame.

#### **4.4 Qaacceessa Qabiyyee Eebbaa**

Qabiyyeen eebba sirna raawwi fuudhaf heeruma kadhaa irratti raawwatamu akkaataa armaan gadiin ibsamaniru.

##### **4.4.1 Eebba Nageenya Agarsisu.**

Eebbi kun nageenya waaqaa waan tokkoo gaafachuun kan eebbifamuudha. Eebba kanarratti namoota maatii tokko keessatti argaman sadarkaa umurii isaaniitiin maqaa dhahuun uumama uumaan uume maqaa dhahuun eebba nageenyaa kan gaafataniidha. yookaan eebbisaniidha. Eebbi kunis akkaataa armaan gadiitti dhiyaateera.

Barri nagayaa

Bariin nagayaa

Jaarsi nagayaa

Jaartiin nagayaa

Ilmi nagayaa

Intalti nagayaa

Kan fuudhu nagayaa

Tan heerumtu nagayaa

Bobbaan nagayaa

Galchumti nagayaa

Tissee uleen nagayaa

Elemaa gaadiin nagayaa

Ardaa yaa'aa nagayaa

Me'ee Bokkoon nagayaa

Duddadaawwaan nagayaa

Sabbaa oddoon nagayaa

Adoolaa gooroon nagayaa

Gooroon Oromoo teennaa martinuu nagayaa

Handhuurri Oromiyaa Finfinneen nagayaa

Akka eebba armaan olii kanaatti dursa nagaan waaqaa jaarsaa –jaartii hanga ijoolleetti, gosa irraa hanga oromiyaatti, akkasumas kan fuudhuf kan heerumu nagaan gaafachuun eebba nagaan jalqabu. Sababni isas nagaan waan hundumaa waan dursuuf nagaan waaqaa eebbaan walqabate eebbisu.

#### **4.4.2 Eebba Kadhaa Waaqaa Agarsiisu**

Akka aadaa oromootti eebba jalqabuun dura oromoon waaqa kadhata. Kanamalees, fedhiifi hawwiin isaanii akka milkaa’uuf, akkasumas carraa gaariin akka isaan mudatuuf, eebba waaqaan kadhataamuudha.

Ee Ati waaqi Ardaa

Waaqi Abbaa

Kan me’ee bokkoo

Kan dibbee dhugoo

Kan garba aannoo

Waaqi Gujii gurraachaa ati nuuf dhaga’i

Dhageettu nuuf owwaadhu

Tan olii olitti nuu hanqisi

Tan gadii gaditti nuu hanqisi

Tan dallaa lamaanii achumatti nuu hanqisi

Hamtuu nurraa qabi

Moortuuf sobduu nurraa qabi jedhanii waaqa uumaa isaanii

kadhatu.(Qabballee Dayyaasoo)

#### **4.4.3 Eebba Gaa’ila Agarsiisu**

Ummatni oromoo yeroo ilma isaa fuusifatu, akkasumas yeroo intala isaa heerumsiifatu hiree gaariin jireenya isaanii keessatti akka isaan quunnamuuf maqaa waaqaa dhahuun eebba gaa’ilaa eebbisu. Eebbi kunis akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Coqorsa ta’aa lafa uwwisaa

Qiltuu ta’aa dagaagaa

Akka kormaa qoladhaa

Ibiddu tulluu ta’aa

Duubaaf fuulduraan ifaa  
Handoodee korma ta'aa  
Bonaaf ganna lalisaa  
Waleensuu korma ta'aa  
Yaabbiifi bu'a dhowwadhaa  
Leenca leenca qabe ta'aa  
Isa irra aane ta'aa  
Horiif nama horaa  
Walitti isin haa jaallatu  
Afaan walii dhaga'aa  
Gara deemtanitti miidhagaa  
Gara teessanitti miidhagaa  
Hurrii taa'aa waaqa uffisaa  
Akka mataafi dhadhaa walii ta'aa  
Akka garaafi aannanii walii ta'aa  
Walitti isin haa jaallatu jedhanii ebbisu  
Qomaaf dugdatti baadhaa,  
Bideenni keessaan haa furdatuu,  
Qalbiin keessan haa guddattuu,  
Sobni akka sulula isin irraa yaa dhokatu  
Dhugaan akka tulluu isinirraa yaa mul'atu.  
Annaniif qabee ta'aa walitti urga'aa  
Deessee kee malee deemtee kee nu hindhageessinii  
Ofkalaa, nagaan dhaqaa galaa  
Waaqayyoo kaadhima kanaa waliin ga'ee walitti haa horsiisuu,  
Waaqni abbaafi haadhaa gaa'elaa kanaa gaa'elaa milkii haa godhu.

#### **4.4.4 Eebba Hormaata Agarsisu**

Oromoon gaafa waa eebbisu, waanti gaariin tokko jireenya namaa keessatti akka nama quunnamuuf hormaataan yookaan dhalaan eebbisa. Kanamalees, daa'mni dhalate, guddatee sadarkaa tokkorra akka ga'uuf dhalaan eebbisu. Fakkeenyi eebbichis akkaataa armaan gadiitti dhiyaateera.

Horaa dagaagaa

Lataa miidhagaa

Hortee dansaa horaa

Garaaf dugdatti baadhaa

Ilmaan abbaarradhaa (hammadhaa)

Ilmaaf intala suunqadhaa

Horaa baayyadhaa

Lafa dhaala bacadhaa

Intalli achii haa hortu, horiinis isinii haa horu

Intalli kan beektuuf kan deessu haataatu

Deebanaa jedhanii eebba hormaataan walqabatan eebbisu. Madda ragaa

(Taaddalaa Turii 23/9 2009)

#### **4.4.5 Hawwaasummaa Kan Agarsisu.**

Kun immoo walitti dhufeenyi hawaasi tokko qabu gabbisuun gorsaafi sirreeffaama garaagaraa hawaasaaf kennuun eebbisa. Kunis akka hawaasni tokko waliin jireenya hawaasummaatti cimee jiraatuuf gargaara. Kanamalees, misirroowwan jireeny hawaasummaatti qabamanii akka jiraataniif eebba hawaasummaa barsiisu eebbisu. Eebbichis akkaataa armaan gadiin dhiyaateera.

Waljaalladhaa

Waliin jiradhaa

Abbaaf haadha beekaa

Biyyaaf biyyeef ta'aa

Gurbaa :- akka nuti bulleetti buli

Akka warri buleetti buli

Intalaa :- akka warri ooleetti oolii

Akka warri buleetti buli  
Intalti kan ejersa qoraafattu  
Kan ameessa elmattu haa taatu.  
Milkii walii jaalladhaa  
Fira wal hindhabne ta'aa .Madda raga (Ayyaao Halakee 22/9/2009)

#### **4.4.6 Eebba Dinagdee Agarsisu.**

Eebbi kun dinagdeen hawaasa tokkoo akka dagaaguuf yookaan immoo qabeenyi misirroowwanii akka eebbifamuuf yookaan guddatuuf eebba dinagdeen eebbifamuudha. Eebba kana gaaf eebbisan marga jiidhaa harkatti qabatani eebbisu. Hiikni marga jiidhaa kanaas akka margaa jiidhaa, lalisaa, ol adeemaa, horaa jechuutti hiikama. Kanaaf eebbi armaan gadii kun hiika armaan olii kana qaba.

Horaa dagaagaa  
Qabeenya horaadhaa  
Dhaltiif jabbii horaa  
Qotaa aramadhaa  
Dhahaa galfadhaa  
Sanyiif dilbii horaa  
Kan nyaattaniif kan dhugdaan hin dhabina  
Quufaa gabaa baasaa jedhanii eebbisu. Madda ragaa (Zallaqee  
Hooxeessaaa 18/9/2009)

Afwalaloon eebba armaan olli kan agarsiisan dinagdeetiin akka eebba eebbifamuudha. Kana jechuun kan nyaatanii dhugan irra darbee hanga qabeenya gurguddaatti eebba eebbifamuudha.

#### **4.5 Yoomessa Eebbaa**

Akkuma maalummaa eebbaa keessatti eerametti, eebbi kan tolfamu waaqa ittiin kadhachuuf. sa'allee, namallee, rabbit bulcha. waan cufa waaqatu ofirkaa qaba. Kanaafuu eebbaan kadhannaan waaqa yeroo tokko kadhatanii yeroo biraa immoo dhiisan miti. Namni tokkichi qofaa ofii mana isaatti ni eebbifata. Bakka gumii jilaattis ni eebbisu. Fulaa cufattis ni eebbisu. Eebba bakka itti eebbisan ilaalchisee, (Masfiin 1993:53) obbo Areeroo rageeffachuun akkas jedhee ibse. Eebba mana ofii ta'aniillee ni eebbifatu. Yoo

kora gosaa jedhan fulaa gosti jirtu sanatti deemanii eebbifatu jechuun ibse. Bakka eebbi itti raawwataa iaalchisee akka waliigalaatti waan ka'amuu qabu bakka namni yookaan jilli jiru tokkotti kan isa waliin jiru ta'uusaati.

Ebbisuuf yeroon murtaa'e tokko jira jechuuf rakkisaadha. Garuu eebbi waan akka fuudhaaf heerumaa jilaa, gumii, yoo qaallicha yookaan qaallittii dhaqan sirna buna qalaaf ni qophaa'a yookaan ni raawwatama. Yeroo eebbifatan ilaalchisee Obbo Areeroon akkas jechuun ibse. Ganama yeroo buna qalatan, yeroo horii qalan, guyyaa jilli yookaan ayyaanni jiru ni eebbifatu. Haaluma kanaan eebbi sirna fuudhaafi heeruma irratti raawwatamu, sirnicha faana raawwatama jechuudha. kana jechuun sirni fuudhaaf heerumaa kadhaa bakka jirutti eebbi sirnicharratti raawwamus ni jira jechuudha. Yeroo baayyee sirni fuudhaafi heerumaa kan gaggeeffamu ji'a amajjiitiin booda. Sababni isaas yeroo midhaan itti sassaabamee xumuramu waan ta'eef yeroo quufaati. Sirna fuudhaaf heemaa irratti qaamni eebbisu ni jira. Innis Abbaa Gadaa yookaan jaarsa biyyaati. Bakka lamaan hinjirretti immoo nama maatii keessaa hangafa ta'etu eebbisa. Sirna jilaa garaagaraafi fuudhaaf heerumaa irratti yeroo eebbisan haala armaan gadii kanaan:-

Ee ati waaqi Ardaa

Waaqi Abbaa

Kan Me'ee Bokkoo

Kan Dibbee Dhugoo

Kan Garba Aannoo

Waaqi Gujii Gurraachaa ati nuuf dhaga'idhaga'i

Dhageettu nuuf owwaadhu owwaadhu

Tan olii olitti nuu hanqisi hanqisi

Tan gadii gaditti nuu hanqisi hanqisi

Tan dallaa lamaanii achumatti nuu hanqisi hanqisi

Barri nagayaa

Bariin nagayaa

Jaarsi nagaya

Jaartiin nagayaa

Ilmi nagayaa

Intalti nagayaa

Kan fuudhu nagayaa

Tan heerumtu nagayaa  
Bobbaan nagayaa  
Galchumti nagayaa  
Tissee uleen nagayaa  
Elemaa gaadiin nagayaa  
Ardaa yaa'aan nagayaa  
Me'ee Bokkoon nagayaa  
Duddadaawwaan gagayaa  
Sabbaa oddoon nagayaa  
Adoolaa gooroon nagayaa  
Gooroon Oromoo teennaa martinuu nagayaa  
Handhuurri Oromiyaa Finfinneen nagayaa  
Huraa Bulaa  
Intalli kan ilma intalaati  
Ee jenne  
Waliin hortanii bultan  
Deebanaa,sa'a nama horaa jedhanii eebbisu(Shabbaraa Areeriifi Sathoo  
Bidhoo 18/9/2009 )jaarsolii

#### **4.6 Faayidaa Eebba sirna raawwii Fuudhaafi Heeruma Kadhaa Irratti**

##### **Raawwatamuu**

Ummatni Oromoo akkuma baayina isaatii aadaaf duudhaalee hedduu qaba. Gosoota afoola oromoo keessaa eebbi immoo isa tokkoodha. Eebbi kun uummata oromoo biratti faayidaa hedduu qaba. Ummatni Oromoo yeroo nyaatu, yeroo dhugu,yeroo fuudhaa, sirna garaagaraa yemmuu gaggeeffatu, akkasumas jila garaagaraa irratti yeroo hirmaatu, yemmuu ba'u, akkasumas yemmuu galu eebbaan ba'ee eebbaan gala. Eebbi jalqaba waan hundaati waan ta'eef waan tokko hojjechuuf eebbaan jalqabu.Haaluma kanaan eebbi sirna raawwii fuudhaaf heeruma kadhaa irratti gaggeeffamu yookaan raawwatamu faayidaa hedduu qaba. Keessumattuu eebbi sirna akkasii irratti raawwatamu gaa'ila namaa qajeelcha jedhu. Bifuma kanaan yemmuu walgorsuuf, walbarsiisuuf, aadaaf safuu hawaasaa eeguuf, wantoota hawaasa biratti fudhatma hiqabne qeequuf, walii yaaduuf waljajjabeessuuf itti fayyadamu.



Kanamalees eebbi sirna fuudhaaf heeruma kadhaa irratti raawwatamu kun kaayoo yookaan milkii warra walfuudhuuf dansaadha. Kana jechuun eebbi maanguddoota sirnicharratti eebbisanii waan itti qabatuuf, jireenya isaanii keessatti waan dansaatu isaan quunnama. Daa,imniifi akkasumas qabeenyi isaan qaban marti ni eebbifama. Haata,umalee yeroo ammmaa kana fuudhaafi heerumni kadhaa, aadaan sirnicharratti eebbisuu kun hafaafi dagatamaa dhufeera. Sababni isaa inni tokkoffaan, uummatni aanaa abbayyaa kun uummata kibbaatiin walkeessa waan jiruuf, fuudhaaf heeruma keessa walitti makamaniiru. Aadaafi afaan isaanis walmakeera. Kanarraa kan ka'e aadaa kanaan dura qaban guutummaa guutuutti itti fufuu hin dandeenye. Kana jechuun hawaasni tokko fuudhaaf heerumaan walmakaa gaafa dhufu, aadaa dura qabu irraanfachaa, dagachaa, aadaa ormaa immoo dhaalaa dhufa. Kana keessa duudhaa kanaan dura qaban irraanfataamaa dhufa jechuudha. Inni lammataa immoo dhiibbaa karaa amantii dhufeedha. Kana jechuun akkaataa amantaatiin sirnicha waan gaggeeffataniif fuudhaaf heeruma aadaa kana dagataa dhufaniiru. Dabalataanis,ilaalchi amantootaa aadaa dagaagsuu irratti qaban gadaanaa ta'uusaati.Kana jechuun aadaa ofittii fayyadamuun akka inni amantaa irratti dhiibbaa fiduutti ilaaluu hordoftoota amantii tokko tokkooti. Inni sadaffaan immoo ammayyummaadha. (Sadhoo Bidhoofi Taaddalee Turii (Jaarsolii biyyaa caamsaa 23\09\009)

## **Boqonnaa Shan: Gudunfaa, Argannoofi Yaboo**

Boqonnaan kun guduunfaa, argannoofi yaboo qorannoo kanaa ofkeessatti hammata. Isaanis akkuma itti aanutti duraa duubaan dhiyaataniiru.

### **5.1 Gudunfaa**

Afolli haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo dhalootaa dhalootatti kan dabarsuudha. Uummanni Oromoo naannoo aanaa Abbayyaa afoola isaatiin fayyadamuun dhimmoota hawaasummaa, dinagdee, siyaasafi kan kana fakkaataniin wal qabatan dhalootaa dhalootatti dabarsaa tureera. Ammas dabarsa jira. Afoola hawaasni kun qabu keesaa kan tajaajilaa kan dabarsaa turan, ammas dabarsa jiran keessa afoola Oromoo keessaa eebba sirna raawwii fuudhaafi heeruma kadhaa irratti raawwatamu qaaceffamee ture. Afwalaloon kun akkuma maqaa isaarraa hubannu waltajjii namoonni baay'een argaman kan akka fuudhaaf heerumaan wal qabate irratti kan eebbifamuudha. Kaayyoo gooroon qorannoo kanaas qabiyyee eebba sirna raawwii fuudhaaf heeruma kadhaa irratti raawwatamu qaaccessuu ture. Haaluma kanaan qorannoon kunis gosa qorannoo qulqulleeffataa keessaa tokko kan ta'e qorannoo ibsatiin qaaceffame. Odeeffannoon barbaachisaan immoo madda rгаа tokkoffaafi lammaffaa irraa kan argameedha. Maddi ragaa tokkoffaan namoota afoola oromoo keessaa eebba irratti muxannoo gaha qaban maanguddoota yookaan jaarsolii biyyaa kan hirmaachiseedha. Malleen funaansa ragaa afgaaffii, daawwannaafi dokimentii xiinxaluutti dhimma bahuun odeeffannoon barbaachisan walitti qabamanii qaaceffamaniiru.

## 5.2 Argannoo

Odeeffannoo walitti qabamee qaacceffame irraa akka hubachuun danda' ametti qabiyyeen afoola oromoo keessaa qabiyyee eebba sirna raawwii fuudhaafi heeruma kadhaa irratti raawwatamuu isaan armaan gadiiti. Walumaa galatti qabxiilee ijoo argannoo kanaa kanneen armaan gaditti ibsamaniidha.

- Afoola Oromoo keessaa eebbi sirna raawwii fuudhaaf heeruma kadhaa irratti raawwatamu dagatamaa yookaan qabana'aa jiraachuun isaa qorannoo kana keessatti ibsameera. Kunis sababoota garaagaraa ofkeessatti hammata. Sababootni kunis, dhiibbaa ummatoota ollaan karaa fuudhaaf heerumaatiin dhufu, amantiif hammayyumaan akka sababaatti qorannoo kana keessatti ibsamaniiru.
- Afoola Oromoo waltajjii hawaasummaa irratti gaggeeffamu keessaa eebbi sirna raawwii fuudhaaf heeruma kadhaa irratti raawwatamu haala jiruufi jireenyaa hawaasummaa keessatti dhimmoota hedduu ofkeessaa akka qaban xiinxala qorannoo kanaan hubatameera. Isaaniis: jiruufi jireenya keessatti murteessaa kan ta'an, kanneen akka nageenyaa, kadhaa waaqaa, hormaataa, dinagdee, hawwaasummaafi kan kana fakkaatan barbaachisaa ta'uu kan jedhu argamanii jiru.
- Afoola Oromoo keessaa eebbi fuudhaaf heerumaa kadhaa irratti gaggeeffamu hawaasa itti fayyadamuuf faayida hedduu akka qabu qorannoo kanaan hubatameera. Faayidaa afoolli eebbaan walqabatu kun qabu keessa: wal gorsuu, wal barsiisuu, aadaafi safuu hawaasaa eeguu akkasumas wantoota hawaasa biratti fudhatma hinqabne qeequuf kan gargaaran akka ta'an hubatameera.
- Karaa biraa immoo afoolli kun walitti dhufeenya hawaasummaa gidduu isaanii jiru kanneen akka walii yaaduu, wal jajjabeessuufi wal jaallachuu isaanii ittiin ibsatu.

### 5.3 Yaboo

Afoolli oromoo keessa eebbi sirna raawwii fuudhaaf heeruma kadhaa irratti raawwatamu haala jiruuf ijireenya hawaasicha, ilaalchaa hawaasichi fuudhaaf heerumaaf, eebbaaf, walitti dhufeenya hawaasummaa isaa kana irraa hubachuun ni danda'ama. Haa ta'u malee yeroo amma afoolli kun hafaa yookaan qabbana'aa dhufeera. Kanaafis akka sabaabatti kan ka'an amantii, dhiibbaa uummatoota olla fuudhaaf heerumaan dhufu, aammayyummaadha. Afoola kan badii irraa hanbisuufi tursanii dhaloota aanutti dabarsuun waan itti yaadamuu qabudha. Kanaaf:

- Qaamoonni dhimmi kun ilaallatu, keessattuu waajjirri Aadaafi Tuurizimii afoola eebbaa kana walitti guuruun gara barreeffamaatti jijjiiruun dhaloota boodaaf osoo dabarsanii gaariidha.
- Qaamni barateefi hayyoonni Oromoo dhimma kanarratti fedhii qaban qorannoo gadi fageenyaa osoo irratti gaggeessaniifi dhaloota itti aanuuf beekumsa argatan dabarsanii bayeessa.
- Gosa barnoota Afaan Oromoo waliin wal qabsiisanii osoo qopheessanii, barsiisonnis barattoota osoo barsiisanii gaariidha.

## Wabiilee

- Addunyaa Barkeessaa.(2011).*Akkamtaa*.Finfinnee:
- Alan,Isaacs.(1981).*The Macmillan Encyclopedia*.USA.Laurence Urda AssociatesLtd.
- Amare Asgedom.(1998).*Content Anaylis ,Methodology and Appliation to Curriculum Evaluation*.IER Flamber. Institution of Education Research (IER).
- Anderzejewski,B.W.(1985).*Literature in Cushitic Languages Other than Somali*.In *Literature in Africa Language*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Asafaa Tafara.(2004).*Theorizing the Present.Towards a Sociology of Oromo Literature: aarsoo Waaqoos Poetry*.Finfinnee : Branna Interprise.
- Asaffaa Tuuchoo.(2008).*Gumaata.Aadaa Oromoo kan naannoo lixa oromiyaa*. Finfinnee.Far east trading PLC.
- Barber .J .(1997).*Poetry and Poetics*.Cambridge : Harvard University Press.
- Biiroo Aadaaf Tuurizimii Oromiyaa.(1998).*Seena oromoo hanga jaarraa 16ffaa*.Finfinnee orommiyaa.
- Brown Duncan (ed).(1999).*Oral literature and Performance in Southern Africa*. Athen,Ohio University Press.
- Borg,W, R. and Gall,M.D.(1997).*Educational Research,3<sup>rd</sup> Edition*.New York: Longman.
- Bukenya. A.(1994).*Understanding Oral Literature*.Nairobi:Nairobi University Press.
- Dammituu Baarnaabaas.(2003).*Soogiddee*.Finfinnee.Berhanena selam printing enterprise.
- Dastaa Dassaalanyi.(2002).*Bu 'uura Qorannoo*.Finfinnee: Dhaabbata Manxxansa Boolee.
- Diribii Damusee.(2011).*Oromo wisdom in back civilization*.Finfine printing enterprise.
- \_\_\_\_\_ (2012). *Ilaalch Oromoo. Barroo, aadaa, seenaafi amantaa oromoo*.

Finfinne printing& publishing S.C

- Dorson, M.R. (1972). *Folklore and Folklife: An Introduction*. Chicago: The University of Chicago Press.
- Duesch, Babette. (1975). *Poetry Handbook: A Dictionary of Terms*. New York: Funk and Wagnalis Company.
- Encyclopedia Britanica*. (1993). Vol 19. Cyclopedia Britanica Inc.
- Encyclopedia Americana*. (1995). Vol 11. USA. Grolier Incorporated.
- Finnegan, R. (1970). *Oral Poetry: Its Nature and Significance and Social Context*. Cambridge: Cambridge University Press.
- \_\_\_\_\_ (1970). *Oral Literature in Africa*. Oxford: Oxford University Press.
- \_\_\_\_\_ (1977). *Oral Poetry: Composition Performance and Context*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Fiixee Birrii. (2013). *Seenaafi Aadaa Oromoo*. Mana maxxansaa: EECMY. Misirach Dimts.
- Flick, Uwe. (2002). *An Introduction to Qualitative Research (Second Edition)*. New Delhi: SAGE Publication.
- Geetaachoo Rabbirra. (2005). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo*. Addis ababaa: Kurraz Internatlinal.
- Hinseene Makuriyaa. (2010). *Gaachana Kormaa*. Addis Ababaa: printed by Far East Plc.
- Lammii Diroo. (2014). *Qeerroofi qarree*. Finfinnee printing press.
- Maammoo Gadaa. (2009). *Duudhaa*. Finfinnee printing & publishing S.C.
- Masfiin Tashoomaa. (1993). *Wiirtuu jildii 6. Barruulee waaltina Afaan Oromoo*. Printed by commercial PE.
- Melakneh Mengistu. (2006). *Fundamental of Literature*. Addis Ababaa: Addis Ababaa University .

Misgaanuu Gulummaa.(2011).*Dilbii:Bu'uura Afoolaa,Ogafaaniifi Afwalaloo Oromoo*.  
Finfinnee.

\_\_\_\_\_ (2012).*Yandoo*. Finfinnee:

Okpewho,Isidore.(1992).*Africa Oral Literature:Background,Character and Continuity*.  
Bloomington and Indianapolis:Indiana University Press.

Preminger and Borgan.(1993).*The New Principle on Encyclopedia of Poetry and  
Poetics*. New Jersey:Pricneetion University Press.

Rubin,David.C.(1995).*Memory in Oral Traditions Retrieved from [http:// en/Wikipedia.  
org/wik/Oral Literture](http://en/Wikipedia.org/wik/Oral_Literture)*.

Smith, Thomson.(1981).*Folklore Standard Dictionary of Folklore my Theology and  
Legend*. New York:Funk and Wagnall's Company.

Teferi Nugusse.(2006).“Development of Oromo Literature up to 1991 ”MA Thesis.Addis  
Ababa University.

W.Bfi .W.B. Yaadate. (2000). *Bantuu Haaraa*.Finfinnee:

Wallace.M.J.(2000).*Action Research for Language Teachers*.New York:Cambridge  
University Press.

Wasanee Bashaa.(2007).*Qorii Hamba*. Finfinnee :Kalu priting Press.

**ፍቀደ አዘዘ። (1991) ። የስነ-ቃል መምሪያ። ኢንተርናሽናል የጎልማሶች ትምህርት መረዳጃ  
ታቋም።**

**Dabaleewwan**  
***Dabalee 'A'***

Yuunivarsitii Finfinnee

Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookiloorii

Gaaffiin afaanii kunneen miseensota hawaasichaa keessaa, aadaafi afoola Oromoo irratti keessumaayyuu qabiyyee eebba sirna raawwii fuudhaaf heeruma kadhaarratti raawwatamurratti maanguddoota muuxannoo gahaa qaban, akkasumas, kan seenaafi aadaa Oromoo beekaniif dhiyaatee kan deebii argatuudha. Kabajamoota gaaffiilee afaanii kanneen isiinif dhiyaatu hundi, mata duree qaaccessa qabiyyee eebba sirna raawwii fuudhaaf heeruma kadhaa Oromoo Gujii aanaa Abbayyaa qaaccessuu irratti xiyyeeffate jedhu irratti qorannoo waanan gaggeessuuf, qorannoo kana guutuu kan taasiisu immoo, odeeffannoo isin biraa argamuun ta'uun isaa amanamaadha. Kanaafuu, gaaffiilee isiniif dhiyaatan kanneeniif odeeffannoo dhugaafi guutummaa qabu irratti hundaa'uun akka deebii naaf kennitan kabajaan isin gaafadha.

*Galatooma!*

I. Odeeffannoo walii gala

Maqaa \_\_\_\_\_

Saala \_\_\_\_\_

Umuri \_\_\_\_\_

Teessoo \_\_\_\_\_

Hojii \_\_\_\_\_

II .Gaaffiilee armaan gadii erga sirriitti dhaggeeffattee booda deebii sirrii ta'e kenni

1. Eebbi gosa afoola oromoo keessaa tokko ta'ee yeoo baayyee waltajjii hawaasummaa irratti kan gaggeeffamuudha. Eebba jechuun maal jechuudhaa?
2. Qabiyyeewwan eebba sirna raawwii fuudhaafi heeruma kadhaarratti raawwatamuu maal maal ofkeessatti hammataa?
3. Eebbi sirna raawwii fuudhaaf heeruma kadhaarratti raawwatamu yoomessa akkamii keessatti gaggeeffamaa?



4. Eebbi sirna raawwii fuudhaaf heeruma kadhaarratti raawwatamu hawaasa naannichaatiif faayidaa maalii qabaa ?

Dabalee B: Maqaa namoota odeeffannoo kennannii

Lakk	Maqaa	murii	Ganda	Ga'ee hojii
1	Obbo Zallaqee Hotteessaa	58	Bunnaataa	Waldaa Uummataa
2	Obbo Ayyaano Halakee	70	Gaango'aa Magaalaa	Q/Bulaa
3	Obbo Taaddalee Turii	60	iddoo Mikee	Q/Bulaa
4	Obbo Shabbaraa Areerii	68	Tumataa Cirrachaa	Q/Bulaa
5	Obbo Sathoo Bidhoo	72	Gaango'aa Baadiyyaa	Q/Bulaa
6	Obbo Qabballee Dayyaasoo	57	Gaango'aa Magaalaa	Q/Bulaa
7	Obbo Dinkuu Waaheloo	66	Gaango'aa Baadiyyaa	Q/Bulaa
8	Obbo Foocamoo Halixoo	60	Tumataa Cirrachaa	Q/Bulaa
9	Obbo Gammadee Nuguse	58	Bunnaata	Q/Bulaa
10	Obbo Jiloo Galgalee	52	Iddoo Mikee	Q/Bula

Dabalee C: Cheekliistii Daawwannaa

Lakk.	Gaaffilee daawwannaa	Eeyyee	lakkii
1	Eebbi sirnicharratti raawwatamu ngeenya ni agarsiisaa?		
2	Kadhaan waaqaa eebbicha keessa ni jiraa?		
3	Eebbi eebbifamu waa'ee gaa'ilaatii?		
4	Eebbi fuudhaaf heeruma kadhaarratti eebbifmu haala hormaata hawaasaa ni agarsiisaa?		
5	Eebbi sirna fuudhaaf heeruma kadhaa irratti raawwatamu dhugumaan walitti dhufeenya hawaasummaa agarsiisaa?		
6	Dinagdeen hawaasichaa eebbicha keessatti ni hammatamaa?		

## Dabalee D: Afoola Eebbaa

### 1.Eebba Nageenya Agarsiisu

Barri nagayaa  
Bariin nagayaa  
Jaarsi nagayaa  
Jaartiin nagaya  
Ilmi nagaya  
Intalti nagayaa  
Kan fuudhu nagayaa  
Tan heerumtu nagayaa  
Bobbaan nagayaa  
Galchumti nagayaa  
Tissee uleen nagayaa  
Elemaa gaadiin nagayaa  
Ardaa yaa'aan nagayaa  
Me'ee Bokkoon nagayaa  
Dudda daawwaan gagayaa  
Sabbaa oddoon nagayaa  
Adoolaa gooroon nagayaa  
Gooroon Oromoo teennaa martinuu nagayaa  
Handhurri Oromiyaa Finfinneen nagayaa

### 2. Eebba Kadhaa Waaqaa Agarsiisu

Ee ati waaqi Ardaa  
Waaqi Abbaa  
Kan me'ee bokkoo  
Kan dibbee dhugoo  
Kan garba aannoo  
Waaqi gujii gurraachaa ati nuuf dhaga' i dhaga' i  
Dhageettu nuuf owwaadhu Owwaadhu

Tan olii olitti nuu hanqisi	Hanqisi
Tan gadii gaditti nuu hanqisi	Hanqisi
Tan dallaa lamaanii achumatti nuu hanqisi	Hanqisi
Hamtuu nurraa qabi	Qabi
Falfaltuu sobduu nurraa qabi.	Qabi

### **3. Eebba Ga'ila Agarsiis**

Coqorsa ta'aa lafa uwwisaa  
 Qiltuu ta'aa dagaagaa  
 Akka kormaa qoladhaa  
 Ibibba tulluu ta'aa  
 Duubaaf fuulduraan ifaa  
 Handoodee korma ta'aa  
 Bonaaf ganna lalisaa  
 Waleensuu korma ta'aa  
 Yaabbiifi bu'a dhowwadhaa  
 Leenca leenca qabe ta'aa  
 Isa irra aane ta'aa  
 Horiif nama horaa  
 Walitti isin haa jaallatu  
 Afaan walii dhaga'aa  
 Gara deemtanitti miidhagaa  
 Gara teessanitti miidhagaa  
 Hurrii taa'aa waaqa uffisaa  
 Akka mataafi dhadhaa walii ta'aa  
 Akka garaafi aannanii walii ta'aa  
 Walitti isin haa jaallatu jedhanii eebbisu.

### **4. Eebba Hormaata Agarsiisu**

Horaa dagaagaa  
 Lataa miidhagaa  
 Hortee dansaa horaa

Garaaf dugdatti baadhaa  
Ilmaan abbaarradhaa(hammadhaa)  
Ilmaaf intala suunqadhaa  
Huraa baayyadhaa  
Lafa dhaala bacadhaa  
Intalli achii haa hortu, horiinis isinii haa horu  
Intalli kan beektuuf kan deessu haataatu  
Deebanaa jedhanii ebba hormaataan walqabatan eebbisu.

### **5. Eebba Hawaasummaa Agarsiisu**

Waljaalladhaa  
Waliin jiradhaa  
Abbaaf haadha beekaa  
Biyyaaf biyyeef ta'aa  
**Gurbaa** : akka nuti bulleetti buli  
Akka warri buleetti buli  
**Intalaa** : akka warri ooleetti ooli  
Akka warri buleetti buli  
Intalti kan ejersa qoraafattu  
Kan ameessa elmattu haa taatu.  
Milkii walii jaalladhaa  
Fira wal hindhabne ta'aa.

### **6. Eebba Dinagdee Agarsiisu**

Huraa dagaagaa  
Qabeenya horaadhaa  
Dhaltiif jabbii horaa  
Qotaa aramadhaa  
Dhahaa galfadhaa  
Sanyiif dilbii horaa  
Kan nyaattaniif kan dhugdaan hin dhabina  
Quufaa gabaa baasaa jedhanii eebbisu

## **Yunivarsitii Addis Ababaa**

### **Sagantaa Digirii Lammaffaa**

Waraqaan qorannoo kun ulaagaa digirii lammaffaa( MA),Afaan Oromoo,Ogbarruufi Fookloorii Gamisaan guuttachuuf Lammeessaa Kumarraa Tottoobaatiin mata duree:“Qaaccessa Qabiyyee Eebba Sirna raawwii fuudhaaf Heeruma Kadhaa Irratti Raawwatamu kan Oromoo Gujii Aanaa Abbayyaa”jedhu irratti qophaayee kan dhiyaateedha.

#### **Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta’uu ibsaa,hojiin kun kanaan dura yuunivarsitii kamiyyuu keessatti kan hin dhihaanne ta’uusaa isin beeksisa.

Maqaa Qorataa\_\_\_\_\_

Mallattoo\_\_\_\_\_

Guyyaa\_\_\_\_\_